مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني – إثيوبيا

# مدى فاعلية نظام تقويم أداء العاملين بالبنوك الإسلامية

حسين موسى راغب

# Seerri Madaallii Ga'umsa Hojjattootaa Baankilee Islaamaa Keessatti Hagam Takka Bu'a Qabeessa

**Qopheessaan:**
Huseen Muusaa Raagib

**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# مدى فاعلية نظام تقويم أداء العاملين بالبنوك الإسلامية

د. حسين موسى راغب

# Seerri Madaallii Ga'umsa Hojjattootaa Baankilee Islaamaa Keessatti Hagam Takka Bu'a Qabeessa

**Qopheessaan:**

**Dr. Huseen Muusaa Raagib**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/58**

*SEERRI MADAALLII GA'UMSA HOJJATTOOTAA BAANKILEE ISLAAMAA KEESSATTI HAGAM TAKKA BU'A QABEESSA?*

**Maxxansa Jalqabaa**

**(1440 H – 2019 A.L.A)**

*Kitaabbanii fi Qorannoowwan dhaabbatichi Maxxansu yaadaa fi ilaalcha nama isa qopheessee ibsa*

**Baafata**

**Maxxansa**……………………………………………………………….5
**Dursa**………………………………………………………………….10
**Kutaa Tokkoffaa**……………………………………………………..15
**Yaad-Rimeewwanii fi Dhimmoota Ammayyaa Kanneen Madaallii Raawwii Hojjattootaa Waliin Hidhata Qaban**….15
**KUTAA LAMMAFFAA**……………………………………………..39
**SEEROTA MADAALLII RAAWWII CICCIMOO fi DHAABBILEE ISLAAMAA WALIIN KAN SIRRITTI DEEMAN**……………………………………………………………….39
**KUTAA SADAFFAA**…………………………………………………52
**SEERA MADAALLII HOJJATTOOTA BAANKILEE ISLAAMAA MADAALAN IRRATTI SEEROTA DAANGESSAA KAN AMANTIIN ISLAAMAA KAAYE**……………………………………………………………………..52
**Bu'aalee fi Dhaamsa Qorannoo**…………………………………..91

**Maxxansa**

Galanni ka Rabbii waan hunda uumeeti, nagayaa fi rahmanni Rabbii ergamaa isaa Nabi Muhammadiin, firoottanii fi waahillan isaanii irratti haa jiraatu. Kanatti aansuun...

Barruun kun gosoota waliin jireenya ykn itti fayyadama sharafaa, invastimantii fi mallaqa dhaabbilee Islaamaa keessatti dhimma itti bayaman, keessattuu Baankotaa fi kubbaaniyoota Invastimantii irratti qorannoo gaggeessuuf kan qophaayeedha.

Qorannoon kunis kan argame, qorannoolee hedduu kanneen akkaataa hariiroo jidduu dhaabbilee kanniinii jiran itti rogeessu, akkaataa dhaabbileen kun namoota dhuunfaa ykn dhaabbilee biraa waliin itti hojjatan, akkaataa dhaabbileen kun mallaqa qabanitti fayyadaman fi tajaajiloota biroo kanneen fandiin ala jiranitti akka dhimmi itti bayan irratti mata-dureelee adda addaa jalatti addaan qoqqoodamee qorannoo qophaaye irraa kan walitti qabameedha. Jalqaba irratti baay'inni qorannoolee barbaadamanii hanga Afurtamaatti ni dhiyaata jedhamee tilmaamamaa ture. Qorannooleen kunis dhimmoota asiin gadii kana of keessatti hammatu:

Gama qabeenya mallaqa dhaabbataa ilaalchisuun, qorannoon tokko waa'ee kaappitaala dhuunfaa kan bifa kubbaaniyaa kaappitaalaa ykn wal-gargaarsaa, ykn kaappitaala gargaarsa qabu fudhatu irratti qophaaya.

Qorannooleen biraa immoo gosoota qusannaa kan akka wadii'aa (mallaqa amaanaa dhaala malee baankii kaayatan) qusannaa invastimantii walii galaa, qusannaa sektaraaf, naannoof ykn sagantaa addaa wayiitiif qophaaye ta'uu danda'a.

dhimmi kana irratti qorannoolee kudha shantu akka qophaayan taasifame.

Gama akkaataa dhaabbanni mallaqa isaa itti fayyadamuu qabu ilaalchisee, gosoota itti fayyadamiinsa mallaqa kanaa hundaaf qorannootu qophaaya. Qorannoon kunis itti fayyadama mallaqaa kan naannoo/biyya keessattis ta'ee ykn kan sadarkaa gabaa addnuyaattis ta'uu danda'a, kunis bifa walitti makamuu (sharaakaa), Mudaarabaa, gurgurtaa, gosoota waa kireessuu ykn kireeffachuu fa'a qabata. Qorannoon dhimmoota kanaaf qoodame qorannoolee kudha shan.

Tajaajiloota fandiin ala jiran kanneen dhaabbileen kun kennan irratti immoo, tokko tokkoo tajaajiloota kanaatiif qorannoon akka qophaayu godhame. Fakkeenyaaf: maxxansa mallaqaa, gurgurtaa, cheekiidhan bashannanaa sharafuu, waraqaalee amantummaa maxxansuu, sharafa alaa sharafuu, mallaqa gara mallaqa naannoo ykn ka ormaatti geeddaruu, wabiilee sharafaa maxxansuu, warqii, meetii fi albuudota mi'aa ta'an bituu ykn gurguruu, albuudota mi'aa ta'aniin hirreega qusannaa banuu, kubbaaniyaadhan hundeessuu, tajaajila bulchiinsaa kubbaaniyaaleef laachuu, bittaa, gurgurtaa, kaayiinsa mallaqaa, bu'aa sheerii irra argame hirreega

maammilootaa irratti galchuu, kubbaaniyatti dabalamuu ykn kubbaaniyicha bituu irratti tajaajila gorsaa kennuu, maammiloota bakka bu'uun bulchiinsa riil isteetii hojjachuu, dhaamannaa nama du'ee hojirra oolchuu, amaanaa fuudhuu, kaazinaalee sibiilaa kireessuu, tajaajila kaaznaa halkanii kennuu, gama diinagdeetiin qorannoo bu'a qabeessummaa (feasibility study) hojiin sun qabu gaggeessuu, sirna taaksii irratti tajaajila

gorsaa kennuu, tajaajila seeraa kennuu fi sochiilee dhimma qorannoo, leenjii, hojiiwwan hawaasaa fi tola ooliinsaa irratti tajaajila baankiin kennu kamiyyuu hammata.

Gosti hojii/tajaajiloota kanniinii gariin akkuma uumama isaaniitiin gosa qorannoo tokko jalatti gurmaayu. Qorannooleen dirree kana irratti gaggeeffaman kudhan hin caalan. Qorannooleen sagantaa kana irratti barbaachisan hunduu kutaa wayii akka asii gadiitti haguuguun ulaagaa dirqamaati: -

- Hojii diinagdee koontiraataa, raawwii wayii ykn sosochii qu'annoo saniin wal-qabatu wayii ibsuu. Kana jechuun bu'aalee isa kana hunda irraa argaman;
- Gama seeraatiin walii galtee (kontiraata) ykn hojii wayii ykn sochii dalagaa wayii gamaaggamuun ibsu. Kana jechuun seera namaan bocame kan wantoota kanniin qindeessu qabaachuu.

- Qabxiilee olitti ibsaman kanaaf murtii shari'aa isaa ibsuu. Yoo jalqaba murtiin shari'aa halaala kan tahu ta'ee garuu
- qabxiin kun gar-tokkee isaatiin wantoota shari'aa faallessan of keessatti hammate, qu'annoon sun ibsa sirreeffamiinsaa ykn yaaddan itti seensifamuun wanta shari'aa faallessu san of keessaa dhabamsiisuu qabanfi gama seera nam-tolcheetiin sirreefamni godhame kun hagam takka hojiin mul'ifamuuf akka mijatu qorannoon kun hammatuu qaba.
- Yoo murtiin shari'aan qabxii saniif kennu haraama kan tahu ta'e sirreeffamiinsaa fi yaada itti dabalamuu qabu dhiyeessuun akka sirreeffamu godhuun gama shari'aatiin kan ulfaatu ta'ee, qorannoon sun gama shari'aatiin yaada dhiyaate kana bakka

bu'u kan walii galtee, hojii, ykn sosochii diinagdee san ibsu dhiyeessuu qaba.

- Ammas qorannoon sun akkuma olitti ibsine fakkeenya bifa walii galtee bakka buufamee ykn sirreeffama dhiyaate of keessatti hammatuu qaba. Akkasumas hamma danda'ameen ibsi seera nam-tolchee kan seera shari'aatiin wal-gitu lakkoofsa seeraa fi keeyyata isaa himuun, murtiiwwan shari'aas ibsa shari'aa fi madda odeeffannoo fiqhii saniis eeruun maxxansa, kutaa fi fuula isaa dubbachuun ibsuu qaba.

- Biyyoota hunda keessatti dhaabbilee mallaqaa, invastimantii fi diinagdee Islaamaa hundaaf qu'annoo kana bifa dimshaashawaan dhiyeessuun waan ulfaatuuf, biyya lama ykn sadi ykn afur filachuun qu'annoowwan
bifa walmadaalchisuutiin dhiyaatan qofa qopheessina. Biyyoonni filataman kunniin seerri biyya isaanii kan qu'annoof filatame kun waan tokko irratti daangeffamuu qaba. Fakkeenyaaf walii galteewwan, ykn gosa hojii wayii, ykn sochii gosa qorannoon gaggeeffamuu san waliin wal-qabatu irratti.

Dhaabbanni addunyaawaan xiinxala Islaamummaa adeemsa qu'annoowwan kun bifa saayinsaawaa fi bareeda ta'een ittiin qophaayan irratti futunaan hojjatee jira. Dhimma kanaaf koree miseensota: barsiisota Yunivarsitii adda addaa irraa dhufan kanneen muummee Ikonomiksii, Akkawuntiingii, Manaajimantii, Shari'aa fi beektota baankiiwwan Islaamaa irraa muxannoo qaban of keessatti hammata.

Qorannoowwan kun eega xumuramaniin booda, irra deebifamee dubbifamuun koreen namoota dhuunfaa ykn

dhaabbanni qindeeffamuun akka murtii/yaada irratti kennan godhama.

Qu'annoon amma dubbisaa jirru kun immoo, qu'annoowwan akkaataa hojii baankiiwwan Islaamaa mul'isan kanneen kutaa kutaan addaan qoqqoodamanii qophaayan keessaa isa tokko. Abbaan qu'annoo kana gaggeesse akka qu'annoon kun bifa bareeda ta'een qophaayuuf yaalii guddaa taasise. Gorsoota ykn yaada dhaabbatichi qu'annaa kana irratti kenneef hunda fudhatee qopheesse. Akka qorannoowwan kutaa kutaan dhiyaatan kun

imala ummata kanaa qajeelchanii, tarkaanfiiwwan diinagdee Islaamaa ittiin tumsanitti akka geessu abdii qabna. Akkasumas yeroma hunda gama guddinaa fi dagaagina ummata Islaamaatti akka geessu abdanna. Dhumni yaada keennaa galanni kan Rabbii waan hunda uumeeti.

***Piroofeesar: Alii Jum'aa Muhammad***
***GorsaaAkkaadamii Dhaabbata addunyaawaa***
***Xiinxala Islaamummaa***
***Biiroo Kaayiroo***

## Dursa

## Rakkina Qorannoo fi Barbaachisummaa Isaa

Qu'annolee fi qorannooleen hedduun dhimma raawwii hojii hojjattootaa madaaluu irratti dhaabbilee hojii adda addaatiin gaggeeffaman akka ibsanitti, hooggantoonni hedduu fi warreen dhimma bulchiinsa humna namaa irratti barumsa fudhatan (Human resource development professionals), yeroo seera raawwii hojjattootaa ittiin madaalan bocanii fi hojii irra oolchanitti akka sadarkaa dhaabbataatti, ykn akka sadarkaa muummee saniitti rakkinoonni guddaan akka isaan qunnaman ibsu.

Tariitii rakkinoonni kun kan isaan qunnamaniif, amaloonni namaa kun yeroo yerotti waan jijjiiramuu fi akkaataan raawwii hojii madaalliis fooyya'aa waan dhufeef ta'uun ni mala. Seerri madaallii raawwii hojjattootaa inni durii/moofaan nannoo waggoottan 30 dabraniitiif babal'atee ture. Seerri kunis sakatta'iinsa bulchiinsaa fi kaayyolee fiixa baasuu irratti fuulleffata ture. Sababa dhimma kana irratti fooyya'iinsi fi qorannoon itti fufaan taasifameen, kayyoo gaggeeffama madaallii raawwii hojjattootaatiif sababni biraa ida'ame. Innis sababa madaallii guddinaati.

Kana jechuun, adeemsi raawwii hojjattootaa madaaluu akka tooftaa mari'achiisaa ykn tooftaa gorsaatitti yeroo siyaasaa kaffaltii hojjattootaa, oolchaa fi sadarkaa hojii isaanii guddisuu

qofa kan dhimma itti bayamu qofa osoo hin taane, akka tooftaa hojjattoota guddisuu fi kunuunsuuttis itti fayyadama jechuudha. Akkasumas dandeettii hojii isaanii fooyyessuu, ga'umsa isaanii cimsuu fi isaan gargaaruufis ni fayyada. Kunis

kan ta’uun kaayyoolee raawwii isaanii fi tooftaalee kaayyoo san fiixa ittiin baasan isaaniif ibsuun, jidduu isaanii fi hoogganaa isaaniitti mariin bu’a-qabeessi isaan amansiisuu danda’u gaggeeffamuudhaani.

Garuu, raawwii hojjattootaa kana madaaluuf, seerri si’aa’Ina qabuu fi haaraya ta’e argamuu irratti rakkoon hanga ammaatti ittuma fufaa jira. Sababa rakkina kanaatiif, kaayyoon raawwii hojjattootaa madaalutti ida’ame sun hanga ammaatti sadarkaa tiyoorii irra jira, qabatamaan hojitti jijjiiramee lafa irratti mul’achuu hin eegalle.

Haalli armaan olitti tarreessine kun haala dhaabbilee hojii dhuunfaa kanneen carraa tasgabbaa’iinsaa qabanii fi kanneen carraa qorattoonni fi qu’attoonni hedduun qorannoo irratti gaggeessuu argatan yoo ta’u; rakkinni madaallii raawwii hojjattoota Baankiilee Islaamaa isa kana caalaa wal-xaxaa fi rakkisaa ta’a. Sababni isaas: Baankiileen kunniin haga tare haaraya, tasgabbii gahaa hin arganne, akka barbaachisummaa isiitti itti yaaddayiinsa isiin malu hin arganne. Ga’een baankonni kun diinagdee biyyootaa fi hawaasa Islaamaa fooyyessuuf qaban guddaa ta’uu waliinuu garuu bakkeen isaaf kenname xinnaadha.

Akka ilaalcha qorataatti, rakkinni madaallii raawwii hojjattoota Baankiiwwan Islaamaa qunnaman kun:

- Itti dhimmamiinsa gahaa hin arganne,
- Yeroo hedduu seerota biyyoota dhihaa kan seera cimaa si’aa’ina qabu uumuu hin danda’in irratti hundaa’u,
- Seerri madaallii raawwii hojjattootaa wantoota dhaabbileen hojii hedduun bakkee kennuufii dhaban hirreega keessa galchuu qaba. Seerota sanis dhaabbileen baankii

Islaamaa kunis bakkee isaan malu hin kennineef. Seerri kunis seerota Islaamaa kanneen madaallii raawwii hojjataa kanaaf gargaaraniidha.

Seerri Islaamaa kun seerota duraanii kan raawwii hojii madaaluuf gargaaraniin walitti yoo dabalame, seera cimaa amalaa fi seera baankiiwwan Islaamaa waliin deemu uumuuf tajaajila. Kunis hamma dabaliinsa baankii fi baay'ina dameewwan isaa gitu fida.

Garuu wanti asitti ibsuu qabnu, seera madaallii raawwii hojjattoota baankiiwwan Islaamaa kana argamsiisuun ykn inni jiraachuun qofti gahaa miti, bulchiinsi baankii dhimma bu'uuraa bu'aalee madaalliin raawwii fidanitti hagam takka dhimmamu, tarkaanfiilee ykn murtiilee bulchiinsaa fudhataman irratti odeeffannoolee madaallii irraa argamanitti hagam takka itti fayyadamu, akkasumas rakkinoota hooggantoota mudatan furuu

Keessattis hagam takka bu'aa madaallii kanaatti dhimma bayu kan jedhuudha.

Barbaachisummaa kana irraa kaanee rakkinna madaallii raawwii baankiiwwan Islaamaa keessatti argaman hirreega keessa galchuudhaan, qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii kenna:

- Baankiiwwan Islaamaa keessatti falaasamni madaallii raawwii murteessan maal fa'a? kana jechuun falaasama murtii kan hojjataa addaan baasee ibsu irratti hundaa'uun siyaasaa mindaa, dabaliinsa sadarkaa, hojii irraa ari'uu fi kkf irratti hundaa'uuni moo, isa dubbanne kanaa fi madaallii raawwii akka tooftaa fooyyessa nama dhuunfaa

tokkootti dhimma itti bayuun akka inni fuul-duratti hojiilee gurguddoo hojjachuuf gahumsa qabaatan isa qopheessuudha?

- Gosti raawwii madaalliin irratti gaggeeffamuu maali? Namoonni madaalliin kun irratti gaggeeffamu hoo eennu fa'a?
- Baankiiwwan Islaamaa biratti hubannoo madaallii ga'umsaa fi barbaachisummaan isaa maali?
- Hojjattoota sadarkaa biiroolee ol'aanoo irra hojjatan madaalliin raawwii kun irratti gaggeeffamuun ni malaa?
- Akkamitti madaalamu? Marsaan madaalliin kun ittiin gaggeeffamuun hoo hagamiini?
- Hojjattoota baankiiwwaniitti bu'aa ykn qabxii madaallii isaanii himuun ni tahaa?
- Sadarkaaleen dhimmi madaallii raawwii kuni keessa dabru maal fa'a? Sadarkaalee kana keessaa kan mala baankiiwwan Islaamaatiin wal simatan isa kami?
- Qaamni madaallii gaggeessu bu'aa madaallii kanaa ofitti fudhachuu fi isa irraa fayyadamuuf siyaasaan akka wabiitti fudhannu maali?
- Akkaataa raawwii ykn amaloota hojjattootaa fi hariiroowwan isaanii ilaalchisee, baankiiwwan Islaamaa keessatti seeronni Islaamaa kanneen sirnoota madaallii raawwii hojjattootaa kana rog-qabeessa godhan maal fa'a?
- Madaallii raawwii hojjattoota baankii Islaamaa kana keessaa kan akka fakkeenyaatti dhiyeeffamuun malu ni jiraa?

## Amala Qorannoo:

Qorannoon kun sadarkaa kanatti qu'annoolee barreeffama qofaan dhiyaatan kan dhimma madaallii raawwii hojjattoota baankiiwwan Islaamaa waliin hidhata qaban irratti fuulleffata. Kunis akka seerri madaallii bu'a-qabeessa ta'e argamuufi. Sadarkaa barreeffamaan dhiyeessuu kanatti aansee, dabareen qorannoo dirree dhiyeessuus ni dhufa. Qorannoo dirree san irratti wanta qabatamaan lafa irra jiru beekuun hagam takka seerri amma jiru kun karaa silaa irra jiraachuu qabu irraa akka dabe beekuufi.

## Tilmaama Qorannoo:

Dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa kuni baankiiwwan Islaamaa keessatti qaama dhimmi ilaalu irraa bakkee gahaa hin arganne. Kunis Gama seera madaallii raawwii kana bifa amalaa fi ergaa baankiiwwan Islaamaa waliin wal-simatuun bocuus ta'ee gama madaallii kana hojii irra oolchuun bu'aalee isa irraa argame murtiilee bulchiinsaa fudhataman irratti itti fayyadamuu keessattis bakkee isaan malu hin arganne. Akkasumas seera madaallii kana akka bu'uura guddinaa fi fooyyessa sadarkaa gahumsa hojjattootaatti fudhachuun akka isaan itti gaafatamummaa raawwii isaanii fudhatan godhuu irrattis itti hin dhimmamne.

# Kutaa Tokkoffaa

# Yaad-Rimeewwanii fi Dhimmoota Ammayyaa Kanneen Madaallii Raawwii Hojjattootaa Waliin Hidhata Qaban

# Boqonnaa Tokkoffaa

# Yaad-Rimee fi Barbaachisummaa Madaallii Raawwii Hojjattootaa

## 1) Yaad-Rimee Madaallii Raawwii Hojjattootaa

Hojiin sirna madaallii raawwii hojjattootaa tumuu fi yaad-rimee isaa daangessuu qorattootaa fi akka walii galaatti xiinxaltoota dhimmi bulchiinsaa biratti akka addaatti immoo namoota humna namaa dagaagsuu irratti hojjatan biratti barbaachisummaa baay'ee argatee jira. Garuu hiikkaalee kanniin dhiyeessanii yeroo gamaaggamnu walii galteen ifa ta'e akka hin jirre argina.

Hiikkaalee kanniin gareelee lamatti addaan qooduu ni dandeenya. Inni jalqaba seensa durii waan jedhamu jalatti yeroo qoodamu inni lammataa immoo seensa ammayyaa jedhamee wanta yaamamu jalatti ramaduun ni danda'ama. Akka ilaalcha keennaatti addaaddummaan seensa lamaan jidduu jiru kan irratti hundaa'u kaayyoo madaalliin sun irratti fuulleffatu irraatti.

Seensa durii irratti hojiin madaallii dhimmoota too'annaa bulchiinsaa fi kaayyolee fiixa baasuu irratti fuuleffata. Kanaafuu madaalliin sun tooftaa marii ykn murtii kan siyaasaa garii ittiin bocuuf dhimma itti bayan ta'ee argama fakkeenyaaf: kaffaltii hojjattootaa al-idilee, mindaa hojjattootaa ykn nama dabaliinsa sadarkaa hojii haqa godhatu murteessuuf dhimmi itti

bayama. Hiikkaan hayyuun Giraahaam (Graham)[1] jedhamu madaallii raawwiitiif kennes kanuma fakkaata. Innis akkana jedha madaala raawwii jechuun "Hojii hojjataan raawwate irratti

---

[1]-Graham, H.T: Human Resource Management", 3rd Ed., M & E Handbooks, 1980.

hundaa'anii hojjataa sanitti murtii kennuu, sunis oomishtummaa qofa irratti hundaa'uun osoo hin taane, cimina deeggaruu fi yeroo kaffaltii hojii al-idilee ykn mindaa dabaliinsa hojjattoota addaan fooyuufi. Hiikkaalee san keessaa kan biraa immoo: -

- Hiika madaallii raawwii hojjattootaa jechuun: "Tooftaa rog-qabeessa gatii hojii hojjataan tokko raawwate wayii daangessuudha"[2] jedhuudha.
- Hiikkaan biraa immoo "Sadarkaa hojjattootaa gama raawwii hojii isaaniitiin, gama addummaa dhuunfaa isaan qabanii fi hariiroo hojii isaanii madaaluudha"[3].
- Ammas hiikkaan biraa: "Adeemsota rog-qabeeyyii kanneen raawwii nama dhuunfaa hojiin itti kennamee tokko madaaluu fi akkasumas fuul-durattis hagam takka fooyyessa kan jedhu madaaluuf kan kaayyeffate"[4]dha.
- "Adeemsa ittiin gahumsa raawwii hojjataa tokkoo ittiin madaalanii fi dandeettii inni qabuu fi qophaa'iinsa inni egareef qabus kan ittiin murteessanii"[5]dha.
- Nama dhuunfaa tokko raawwii hojii amma inni hojjataa jiruu madaaluu fi fuul-duratti ba'aawwanii fi hojiilee sadarkaa

---

[2] - Ali Assullami: "Al-Uluum Assuluukiyya fi Attaxbiiq Al-Idaarii", maxxansaan Daaru Al-Ma'aarif, Gibxi, Kaayiroo, bara 1971.

[3] - Huseen Hasan Ammaar: "Taqdiir Kifaayatil muwazzafiina beeyna annamaaziji walmoowduu'iyya", paampileetii Idaaraa Aammaa, lakk. 33, caamsaa 1981.

[4] - Kamaal Alii Izaam, "Idaaratu Al-mawaarid Al-bashariyyaa", abbaa hike himuun ala, Kaayiroo.

[5] - Saalim Hasan Al-Asmarii: "Muqaabalatu Taqyiim Al'adaa", paampileetii Idaaraa Aammaa, lakk. 52, caamsaa 1986.

ol’aanootiin dhaabbachuuf hagam takka akka dandeettii qabu madaaluu”[6]dha.

Seensa haaraya keessatti immoo xiyyeeffannaalee gubbatti tarreessine kanatti ida’ee, dhimmi guddisa hojjattootaa ykn fooyyessa sadarkaa isaanii irrattis ni fuulleffata. Kanaafuu dhimmi madaallii hojjattootaa kun tooftaa dandeettii hojjattootaa gabbisuu fi guddisuu, akkasumas akka isaan raawwii isaanii fooyyessan gargaaruu, dandeettii isaanii gama kaayyolee hogganamtoonni galmaan gayuu qabanii fi tooftaalee kaayyolee kana ittiin galmaan gayanis isaaniif daangessuutiin, jidduu hooggantootaa fi hoogganamtootaa waliin mariin, wal’amansiisuu fi hirmaannaan cimaan akka jiraatu godhuudha.

Seensa haaraya/ammayyaa kanatti hiikkaan baay’ee isatti dhiyaatu, hiika hayyuun Dassalar[7], hiika isaa kan madaallii raawwii hojii irratti, dandeettii hooggantoonni hojjattoota

gahumsa qaban qacaruun bakkee isaaniin malanitti ramaduuuun isaan madaaluu fi akka isaan hojii isaanitti kenname galmaan gayaniif hamileen bira dhaabbachuu qofa osoo hin taane, akka isaan murtiilee fudhataman keessatti hirmaatanii fi rakkinoota isaan qunnaman ykn rakkinoota hojii isaanii fi egaree isaanii huban irratti isaan gargaaruun bira dhaabbachuu irratti fuulleffate.

Akkasuma seensa haaraya ammayyaa kana jalattis hiikkaan dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa kan asii gadii kunis garee

---

6 - Muhammad Muhammad Ibraahiim: “Raawwii hojjattoota dhaabbilee mootummaa keessaa madaaluu” paampileetii Al-buhuus Al-Idaariyyaa, lakk. Lammaffaa, bara 1980.

7 -Gray Dessler: “Personnel Management: Modern concepts, and Techniques”, prentice – Hall International Inc., 1984.

kana jalatti ramadamuu ni danda'a. Hiikaan madaallii raawwii kunis "Adeemsota odeeffannoolee ittiin walitti qaban, qulquleessan, odeeffannoo ittiin waliif dabarsanii fi odeeffannoolee galiiwwan dhuunfaa irraa walitti qabaman raawwii hojjattootaa ittiin fooyyessuuf jecha itti fayyadamuu"[8]dha.

Nuti gama hiikkaa seensa ammayyaa kana fudhachuutti dabna. Maaliif yoo jenne seensi kun sababa inni kaayyoo too'annaa bulchiinsaa fi galma barbaadame fiixa baasuutti

dabalee dandeettii hojjattootaa fooyyessuu waan of keessatti hammatuufi. Dandeettii hojjattootaa fooyyessuun kun immoo gama bu'a-qabeessa ta'ee kan hooggantoonni sirritti itti yaaddayuu qabaniidha. Isa kanas gara fuula duraatti bal'inaan irraa dubbanna.

### 2) Ulfaatina Madaalliin Raawwii Hojjattootaa Qabu:

Tariitii barbaachisummaa hojiin madaallii raawwii hojjattootaa dhaabbilee adda addaa keessatti qabu dubbachuun duratti, ulfaatina isaatii fi barbaachisummaan isaa gama ogeessa fooyyessa humna namaa, gama hooggantoota dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa irraa gaafataman ykn hojjattoota madaallii gaggeessan biratti bakkee gahaa qabaachuu dhabuu isaa ilaalla.

Akka walii galaatti hayyoota xiinxala bulchiinsa biratti, akka addaatti immoo qorattoota dirree bulchiinsa humna namaa irratti dalagan biratti yaanni gar-malee babal'atee argamu: seera bareeda madaallii raawwii hojjattootaa fooyyessuun, bocuu fi

---

[8] - Craig Fric Schnceir: et al., "How to construct a successful Performance Appraisal System" Training and Development Journal, (April,1986).

seera si’aa’ina qabu hojii irra oolchuun akka sadarkaa dhaabbataattis ta’ee akka muummeewwan isaattis hojii baay’ee cimaadha, hoggantootaa fi ogeeyyota humna namaa irratti hojjataniifis baay’ee xaxaadha jedhamee ilaalama.

Qorannooleen ogeeyyiin humna namaa gaggeessan gariin akka ibsanitti[9], hoggantoonni dhimmi raawwii madaallii hojjattootaa irratti dalagan hedduun isaanii madaallii kana hin jaalatan/hin deeggaran. Kanaafuu baay’ee bakkee itti hin kennan jedha qorannoon kun. Bu’aan qorannoon kun irra gaye hayyoota humna namaa kunuunsuu irratti dalagan baay’ee hamilee tuqeen waan ta’eef seera madaallii raawwii hojjattootaatti amantummaa guddaa qabaachuu dhabuun isaan keessatti uumamuu eegale.

Hooggantoota kanaaf ifa kan ta’e: madaallii raawwii hojjattootaatiif seera bareeda kan jedhamu, seera hooggantoonni hojii madaallii kana raawwatan, raawwii madaallii isaanii kana irratti unkaa madaallii guutanii, sana booda itti gaafatamaan dhimma dhuunfaa akka inni unkaa kana faayilii hojjattootaa keessa galchu gaafachuuniidha. Seerri bareeda hin ta’in immoo seera hooggantoonni bu’aa madaallii gaggeeffame kana faayilaa hojjataa sanii keessa galchuu dhabuuti.

Fashaliinsi fi itti amantummaa dhabuun seera madaallii raawwii hojjattootaa mudate kun, hooggantootuma seera kana fayyadamanis nuffisiisee jira. Akkasumas hojjattoota silaa madaalliin kun irratti gaggeeffamus hamilee kutachiisee

---

[9] - _______: “Creating a Performance Management System”, Training and Development Journal, (May 1986).

jira. Qorannoon gariin[10] akka ibsitutti, hooggantoonni dhimmi madaallii kana irraa gaafataman hedduun, madaalliin kun 'sa'aatii qofa gubuudha', hojima cal-jedhanii waraqaa qofa irratti guutani malee, rakkinoota bulchiinsaa nama mudatan kan akka: beellama guutuu, waadaa guutuu, gatii gadi buusuu, oomishtummaa fooyyessuu fi nama guddisuun malu guddisuu fa'a furuuf bu'aan inni fidu muraasa.

Ammas qorannoon kun akka ibsutti, hojjattoonni silaa madaalliin kun irratti gaggeeffamu, yeroo hedduu sirna madaallii raawwii hojii kana akki isaan itti ilaalan: madaalliin kuni wanti inni mul'isu bulchiinsi murtiilee gadi dhaabbata hin qabne kan oliif gadi gara galan fudhachuu isaa mul'isa, dhugaan jiru immoo tokkoon tokko hojjattoota qorannoon kun irratti gaggeeffamee qabxii ol'aanaa argachuu qaba jechuun yaadu.

Qorannooleen biraas akka ibsanitti[11], kaayyoleen silaa madaalliin hojii gaggeeffamuuf irratti fooyya'iinsi argamus – akkuma seensa haaraya armaan olii irratti ibsinetti- garuu fooyyeen sun sadarkaa barreeffamaan ibsamuu bira hin kunne, haga dabre sadarkaa hojiin sirritti mul'ifamuu hin geenne. Qorannoon kun akka ibsutti madaalamtoonni (the Ratees) fi madaaltonni (the Raters) seera madaallii hojii kana

akka tooftaa hojii namaa keessa deebi'anii qorachuutti ykn akka isa fooyyessuutti dhimma itti hin bayan.

Tariitii hojiin madaallii raawwii hojjattootaa kun ulfaataa ta'uu isaa wanti mul'isu, hojiin kun namaan kan walitti hidhate ta'uu isaati. Ilmi namaa immoo amalli isaa jijijjiiramaadha,

[10] - Madduma armaan oliiti.
[11] - Edwin B. Fippo: "Personnel Management" 5thEdi., McGraw Hill, 1980.

akkasumas yeroo gara yerootti fooyya'aa deema. Ilmi namaa kun qaama raawwii dhaabbatichaa irratti guutumatti dhiibbaa fiduu kan danda'uudha. Akkasumas tooftaa baay'ee ulfaataa fi wal-xaxaa furamuu danda'u ta'uu waliinuu, garuu tooftaa kaayyoo dhaabbatichaa galmaan gayuu/fiixa baasuudha[12].

### 3) Barbaachisummaa Madaalliin Raawwii Hojjattootaa Qabu

Yaad-rimeelee dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa fi kaayyolee isaa armaan olitti dabarsine irraa barbaachisummaan dhimmichi kun dhaabbileef, hojjattootaaf fi egaree hojii isaaniitiif qabu ifa galaadha. Raawwii hojii madaaluun tooftaalee hooggantoonni itti fayyadaman keessa irra barbaachisaa fi bu'a-qabeessa.

Seera madaallii raawwii hojjattootaa kana sirritti itti fayyadamuun tariitii amantii hojjattoonni hoogganaa isaaniitiif qaban ni dabala. Akkasumas walitti dhufeenya jidduu hojjattootaa fi hooggansaas ni dabala. Kana hunda

kan caalu, seerri madaallii kun raawwii hojjataa tokko fuul-duratti ni bareecha, ni fooyyessaaf. [13] Odeeffannooleen madaalliin raawwii hojjattootaa nama biraan gayan kunis, galmee hojjattootaa kanneen hojjattoota dhaabbatichaa akka raawwii isaaniitiin addaa qooduuf nama fayyadan qopheessuuf oola.

---

[12] -Wayne Casico: Applied Psychology in personnel Management, (Reston, va: Restone publishing co., 1978).

[13] - Madduma gubbaa kana.

Galmeeleen kunis amalootaa fi ibsamoota ijoo humna waa hojjatuu kana nuuf ibsu. Bifuma wal-fakkaatuun, seerri madaallii raawwii kun qajeelcha hojjattoota yeroo fi bakkee barbaachisu irratti raabsuuf gargaaru jedhamee fudhatama. Kun immoo caaseffamni dhaabbatichaa yoomiyyuu bifa haaroomaa ta'een humna hojjatu kana akka argatuuf isa gargaara.[14]

Akkasumas seerri madaallii raawwii kun hagam takka hojjattoonni akka leenjitti hajaman, sagantaalee leenjii haaroomsuun leenjii hojjattootaan malu[15] fiduun akka barbaachisu fi seera hamilee namaa kennuu fi hariiroo irratti irra deebi'anii qorachuuf bu'uura ta'uu isaa mul'isa[16].

Kana jechuun seerri madaallii bareenni hagam takka hoogganaan ga'umsa akka qabu akeeka. Akkasumas hagam takka akka inni hojii isaa qindeessu, hojjattoota waliin hariiroo amantummaa qabu bu'uuressuu danda'uu isaa, hojitti dhimmamuu fi hojii isaa keessatti nama fiixa bayaa ta'uu isaa agarsiisa. Akkasumas hariiroon wal-amanamummaa inni hojjattoota waliin qabu sun akka isaan hogganaa kana waliin kaayyolee murteessuu fi ulaagaalee madaallii bocuuf fedhii qaban ibsa[17].

---

[14]-Salaah Assayyid "Taqwiim al-adaa fi masir" madaaii raawwii hojjattootaa biyya Masriitti, akkamitti madaallii kana seera raawwii fooyyessu bulchiinsa guddisu goona, paampileetii idaaraa, lakk.2ffaa, onkololeessa1978.

[15] -Huseen Muusaa Raagib, Idaaratu wa Tanmiyatu al-mawaarid Al-bashariyya, nama maxxanseen ala, Kaayiroo, 1992.

[16] -Salaah Assayyid, madda dabre.

[17] - Madda 5, 8, 12, 13, 18, 19 fi 20 ilaali.

## Boqonnaa Lammaffaa

## Dhimmoota Ammayyaa Baayyee Barbaachisoo Ta'anii fi Kanneen Madaallii Raawwii Hojjattootaa Waliin Hidhata Qaban

Qorattoonni fi shaakaltoonni hedduun dhimmoota baay'ee kanneen dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa waliin walitti hidhata qabanitti ni dhimmamu. Sababni isaas seera madaallii raawwii kan baay'ee bareeda ta'ee fi si'aa'ina qabu, seera rakkinoota seerota madaallii ammaa kana fashaleessan irraa nama baraaru irra gayuufi ture. Rakkinoonni sirna madaallii raawwii hojii ammaa kana mudataa jiranis[18]:

- Wantoota madaalaman ykn karaa raawwiin sun ittiin madaalamu irratti guutumatti walii galuu dhabuu;
- Osoo barbaachisummaa murtii fi yaada abbaan murtii dhimmi madaallii raawwii sun kenne hirreega keessa hin galchin, safartuudhan madaallii raawwii kana keessatti itti fayyadamaman guutumatti kana jedhanii murteessuun ni danda'ama jedhanii yaada sirrii hin taane yaaduu;
- Ulaagaaleen madaallii kana keessatti kaayyaman amalootaa fi mallattoolee namoota madaalliin irratti gaggeeffamuutiif bakkee kennuu dhabuu;
- Firii madaallii raawwii hojii irraa argame kana akka bu'uura murtiilee ijoo kan akka leenjii, dabaliinsa sadarkaa hojii, kaffaltii akka beenyaa fa'aa fi murtiilee ijo ijoo biraa kanneen fooyyessa humna namaa waliin hidhata qaban irratti murtii fudhatamu keessatti dhimmi itti bayuu dhabuu;

[18] -Cragic Fric Schneier: et al., madda dabare.

- Sirnoonni madaallii raawwii hojjattootaa hedduun hojiin bulchiinsaa maal akka ta'ee fi akkaataan qindeessummaa isaa akkam akka ta'e wallaaluu isaaniiti. Kan irraa ka'uudhaan hojiin madaallii raawwii kun hojii itti gaafatamummaa hoogganaa keessa hin seenneedha jechuun hubatu.

- Rakkinni gara tokkotti dabuu[19] jiraachuu. Qorannooleen hedduun akka ibsanitti yeroo hedduu sababa garaagarummaa nama dhuunfaa madaalliin irratti

- gaggeeffamu jidduu jiran kan akka umrii, gosummaa fi saalaatiif jechaa bu'aan namoonni madaallii irraa argatan adda adda ta'ee argama. Garaagarummaan kunniin immoo raawwii dhugaa hojjattootaa waliin hidhata hin qabu.

Mee dhimmoota ijoo armaan gadii kana irratti haa mari'annu:

- ✓ Gosa raawwii hojii madaalliin irratti gaggeeffamuu qabu. Kana jechuun wanta silaa madaalamuu qabu murteessuu fi ulaagaalee isaas daangesssuu jechuudha.
- ✓ Nama silaa madaalamuu qabu daangessuu [The Ratees].
- ✓ Nama madaallii kana gaggeessus murteessuu [The Rater].
- ✓ Turtii hojiin madaallii kuni fudhatuu fi yeroo meeqa meeqaan naannayee akka deebi'u murteessuu.
- ✓ Bu'aalee madaallii irraa argamanii fi namoota madaalaman beeksisuu irratti siyaasaa bulchiinsi fayyadamu.

[19]- Downey, R.G.et al.: Evaluation of a peer rating system for predicting subsequent Promotion of Senior Milittary Office", Journal of Applied Psychology, vol.61, (Ebla 1976).

## Tokkoffaa: Wanta Silaa Madaalamuu Qabu Murteessuu Fi Ulaagaalee Isaas Daangesssuu:

Hojii madaallii raawwii keessatti jalqabni wanta silaa bulchiinsi godhuu qabuu hojii madaalamuu qabu murteessuudha. Kana jechuun raawwii namoota dhuunfaati moo kan gamtaa irratti xiyyeeffatama? Yoo xiyyeeffannaan raawwii hojii dhuunfaatiif ka ta'u tahe, safartuuleen fayyadamaman maal fa'a?

Dhugaa dubbachuuf dhimmi kun bulchiinsaaf rakkoo guddaadha. Gosoota hojiilee jalqabaa sasalphaa malee, ulaagaalee madaallii waliin wal-siman murteessuun ni ulfaata. Tariirtii bulchiinsi raawwii hojjataa tokkoo bifa walitti ida'uutiin

baay'ina hamma inni oomishee ykn hamma safartuu oomishaa inni hojjateetiin madaaluu danda'a. Safartuun sunis ulaagaalee fi madaallii too'annaa qulqullina oomishaa waliin kan wal-simattu ta'uu qabdi. Raawwii kanas tooftaalee irratti walii galamaniin madaaluun ni danda'ama.

Garuu dandeettiiwwan akka kaka'uumsa qabaachuu, dandeettii waa uumuu, ykn dandeettii waa qindeessuu nama qabu hoo akkamitti madaalu? Dandeettiileen kunniin gosa hojii madaalamuu qabu keessa ni galuu? Yoo ni galu ta'e,

akkamitti madaaluun danda'ama? Wanti kana jenneefis, yoo gosti hojii madaalamuu sun dandeettiin ka wal-qabatu ta'e madaaluun baay'ee ulfaata waan ta'eefi. Akkasumas tooftaan raawwii bareeda murteessuu, akkasumas ulaagaalee ykn safartuuwwan kamtu akka fayyadamamuu qabaniyyuu murteessuun ni ulfaata.

Baay'inni dogongoroota hojjataan tokko raawwachuu qabuu inni ol'aanaan meeqa? Ykn si'aa'inni hogganaan tokko garee hojjattootaa hogganuuf qabaatu akkam ta'uu qaba? Gaaffilee armaan olitti tarreeffaman kanaaf deebiin kennamu gama namoota madaallii raawwataniitiin, dhaabbatuma tokko keessattuu muummee tokko irraa gara isa biraatti, yeroo tokko irraa gara yeroo biraatti wal-dhaba[20].

Walumaa galatti wanti jedhamuun malu; yoo gosti hojii raawwatamuu tokko gosa hojii namni hunduu kophatti hojjatu ta'ee kophummaan sun hojjataa ga'umsaa irratti dhiibbaa kan hin finne ta'e, fakkeenyaaf hojiilee hojjattoota gurgurtaa raawwatanii irra dhiibbaa hin geessu yoo ta'e, kan irra filatamu raawwii nama dhuunfaa irratti fuulleffachuudha.

Yeroo gosti hojii raawwatamuu wal-makaa ta'ee; bu'aan oomisha hojjattoota garii hojjattoota biraatiif meeshaa dheedhii akka seensaatti jarri itti fayyadaman ta'ee yoo argame immoo tooftaa hojii garee irratti xiyyeeffachuun isa moggatti raawwii

namoota dhuunfaatis quba qabaachuu fayyadamna. Kunis fakkeenya akka hojjattoota tarree/sarara oomishaa irra hojjatanii ykn hojjattoota muummee hirreegaa fi dhimma hojjattootaa keessa dalaganiiti.

Yeroo gosti hojii immoo guutumatti raawwii gareedhaanii barbaada ta'e, yeroo raawwii nama dhuunfaa tokko isa garee irraa addaan baasuun ni ulfaata ta'e immoo guutumatti xiyyeeffannaa raawwii gareetiif kennuun ni filatama. Kunis fakkeenya akka bu'aan raawwii oomisha garee tokkoo irraa

---

[20] - Cragic Fric, Creating a performance management system, madda dabre.

argame garee isa biraatiif immoo akka meeshaa dheedhiitti isa barbaachisa yoo ta'eedha[21].

Yeroo xiyyeeffannaan raawwii dhuunfaatiif kennama ta'e immoo ulaagaan ykn safartuun fayyadamamuu qabu kam ta'a

yaada jedhuuf immoo, safartuu kana daangessuuf namni madaallii kana raawwatu gosa/amala hojii madaalliin irratti gaggeeffamuu san yaada keessa galfachuu qaba. Gosoota hojii oomisha hojjattootaatiin wal-qabatan irratti xiyyeeffannaan baay'ina hamma oomishamee fi qulqullina isaatiif kennama. Kunis akka safartuu kallattiitti dhimma itt bayachuun bu'aalee hojjataan tokko argamsiise baay'inaa fi qulqullina oomisha isaa waliin wal-bira qabuun hojjataan tokko hagam tokko hojii san keessatti akka gumaacha godhe beekuun ni danda'ama.

Gosoota hojiilee biiroo fi muummee irratti baratan irratti hojjachuun wal-qabatan ilaalchisee immoo, xiyyeeffannaan

Safartuulee al-kallattiitiif kennama. Safartuuleen ykn ulaagaaleen kunniin amaloota nama tokkootiin walitti hidhata qabaatu. Fakkeenyaaf naamusa gaarii, kaka'umsa hojiif qabu, nama waliin wal-gargaaruu, dandeettii hoogganuu fi ilaalcha namni sun hojiif, hiriiyyootaa fi hooggantoota isaatiif qabuun wal-qabata[22].

Wanti asitti itti akeekuu qabnu, yeroo madaalliiwwan ykn safartuulee raawwii hojii irratti fayyadaman filannu sirritti itti dhimmamuu qabna. Safartuuleen sun kallattii fi al-kallattiis haa ta'u, ulaagaa ykn safartuu dhugatti dhiyaattu kan sammuun

---

[21] -Raf'at Muhammad Jaab Allaah, "Idaratu Al-Afraad wa Assuluuk Attanziimii", Kaayiroo, bara 1988.

[22] - Muhammad Muhammad Ibraahiim, madda dabre.

namaa fudhattu ta’uu qaba malee cal-jedhee tahuu hin qabu. Seeronni madaallii raawwii hedduun gama madaallii gitaa ta’e kan fudhatama qabuu irratti fuulleffatan. Garuu gama

Fakkeenyummaatiin yoo ilaalle, madaalliin sun akeektuu hammaa/baay’inaa kan isa hordofuun dirqama ta’uu fi isa irraa dabuun hin eeyyamamne qofa ta’ee argame. Sababa kanaaf jecha dhimma ijoo silaa hojiin madaallii sun gaggeeffamuuf irraa fagoo ta’ee argame[23].

Kaayyoon dhumaa sirnoota madaallii raawwii homa hunda madaaluu miti. Kaayyoon guddaan safaruulee sirrii hin ta’in kan cal-jedhamanii fayyadamaman (Arbitrary Measures) ykn safartuu loogii irraa fagaachuudha. Safartuuleen kunis akka fedhii fi kaayyoo nama madaallii san gaggeessuutiin olii fi gadi jijjiiramti waan ta’eefi. Kanaafuu safartuulee cal-jedhamanii

kaayamanii fi dhuga-qabeessa jidduu safartuulee heddutu jira. Safartuuleen kunis kan carraaqqii sammuun yaada bayachuuf gootu irratti bu’uureffamanii fi safartuu nama madaallii gaggeessuu fi kan madaalliin irratti gaggeeffamu biratti fudhatama qabaniidha. Safartuulee kanneeniifis hiika kennuun ni danda’ama, fiixa bayiinsa hojiitiinis hidhata guddaa qabu.

### Lammaffaa: Nama Madaalliin Raawwii Irratti Gaggeeffamu Murteessuu

Wanti dhugaa ta’ee fi kan haqqummaas mul’isu, hojjattoonni dhaabbata keessa hojjatan hundinuu madaalliin

---

[23] - Cragic Fric, Creating a performance management system, madda dabre.

raawwii irratti gaggeeffamuu akka qabuudha. Garuu kan caalatti filatamu hojii madaaliinsaa kana bifa gadi bu'iinsaa fi irra

deddeebi'aa ta'een gareelee hojjattootaa kanneen haaraya qacaraman ykn hojjattoota raawwiin hojii isaanii kanaan dura dabre gadi bu'aa ta'e irratti fuulleffachuudha. Garuu namoota kanaan dura galmeeleen hojii isaanii sadarkaalee bareeda tahuu isaanii mul'isan irratti xiyyeeffannaan kuni gadi bu'aa ta'ee argama[24].

Hojjattoota sadarkaa ol'aanaa irra hojjataniifis seerri madaallii gahumsa isaanii dirqama jiraachuu qaba[25] yaada jedhu yeroo deeggarru, seerri kun yeroo namoota kana sadarkaalee irra

jiran sanii olitti isaan guddisuu barbaanne akka qajeelchaatti dhimma itti bayachuuf nu gargaara waan ta'eefi. Kunis gama tarreelee odeeffannaa ittiin guuran hoogganamtoota irra qooduu fi gama bu'aalee walii gala namni sun dhaabbatichaaf (Baankiif) buuse ilaaluutiin ta'a.

### Sadaffaa: Nama Madaallii Raawwii Gaggeessu Murteessuu

Dhimmoota ciccimoo madaallii raawwiitiin hidhata qaban keessaa tokko dhimma nama madaallii raawwii gaggeessuun wal-qabateedha. Kunis haguma fedhe namni madaallii gaggeessu sun bareedaa fi nama miira gaarii qabus tahu, yeroo

[24] -Raf'at Muhammad Jaab Allaah, "Idaaratu Al-Afraad wa Assuluuk Attanziimii", Kaayiroo, bara 1988.

[25] - Huseen Hasan Ammaar, "Attarqiyaa ka Da'aamaa Asaasiyyaa fi Nizaam Al-Mustaqbal Al-waziifii bi al-kidmaa al-waxaniyyah", paampileetii bulchiinsa ummataa, lakkoofsa 23ffaa, Ebla 1982.

hedduu murtiin namaa kun kan nama saniin wal-qabatee fi kan dhugaa fudhatama qabu irraa dabeedha.

Nuti bir-qabeessaan yoo ilaalle amala ilaalamu irraa muraasa malee hin beeynu. Akkaataa amala san itti harkisan, sababa isaa san akka itti hiikan/qayyabatan, wantoota amala san ibsuuf isa kakaasan, dhiibbaa amalli sun qabu, fedhiiwwan inni argachuu qabu muraasa malee hin beeynu. Kanaafuu osoo rakkinoonni kun hundi jiran raawwii namootaa kana akkamitti madaaluu dandeenna?

Yeroo baay'ee dhiibbaan amalli nama madaallii gaggeessu odeeffannoolee bu'aa amalaa waliin wal-qabatan furuuf qabu, dhiibbaa amalli nama madaalliin irratti gaggeeffamuu fidu caala. Raawwii madaaluu jechuun yaadaa, mul'ataa fi odeeffannoolee

gamaaggamuudha malee unkaalee madaallii qofa guutuu jechuu miti.

Tariitii hogganaan tokko raawwiin hojjataa wayii bareeda jedhee murteessuu danda'a. Yeroo kana murteessu dandeettii fi gahumsa ol'aanaa namni sun qabu irraa ka'eeti ta'a.  Garuu hogganaan biraa kammaan hojjatama kana madaalu hojiin hojjataan kuni hojjatu baay'ee hin ulfaatu waan ta'eef, gahumsi hojjataa kanaa dadhabaadha jechuun isaa ni mala.

Hogganaan jalqabaa sababa keessaa (gahumsa hojjataa) irratti yeroo fuulleffatu hojjataa saniif qabxii/sadarkaa ol'aanaa kennaaf. Garuu hogganaan lammataa sababa alaa (gosa hojii hojjatamuu) irratti waan fuulleffateef, hojjataa saniif qabxii gadi bu'aa kenne.  Madaallii nama tokko irratti taasifamu keessatti

Wal - dhabiinsi kuni argamuun sababa namoonni madaallii gaggeessan ilaalcha mataa isaanii, madaalliiwwan isaanii,

falaasamaa fi nitaha jedhanii waan sammuu isaanii keessatti bocamee fi mul'ata ykn madaala mataa isaanii madaallii kana keessa waan galchaniifi.

Sababa rakkinoota dhimma murtii fi tilmaama waliin hidhata qabuu kanaaf jecha, hojiin madaallii raawwii kun salphaa akka hin ta'in hubanna. Akkasumas madaallimmaan kunuu unkaawwan guutamaniin alatti bifa gadi bu'iinsa qabuun hin gaggeeffamu[26].


Dhiibbaalee kana hir'isuuf jecha, qorannooleen gariin[27] akka hooggantoonni safartuuwwan sadarkaa raawwii hojjataa tokkoo ittiin murteessan, tooftaalee sadan (boca lakki 1) irratti mul'atan fakkaatan kana akka bocachuu qaban murteessu.

Ilmi namaa kun hojii isaa keessatti fiixa kan bayuuf: sababa waan fiixa baasaniitiif (bu'aalee argamsiisan) [Results] fi sababa waan dalaganiitiif (amala dhuunfaa agarsiisaniif) [personal characteristics]. Hooggantoonni safartuulee fi ulaagaalee hojii irra ooluu danda'an akka bocaniif/baasaniif jecha, gaggeessitootaa fi beektota dhimma humna namaa kunuunsuu irratti hojjatan waliin wal-ta'uun gumaachaa fi amala dhuunfaa kam fa'atu raawwii fiixa bayiinsa qabu fiduu keessatti shoora qaba ka jedhu irratti waliin mari'achuu qabu.

Walumaa galatti marii armaan olii kana yaada keessa galchuun, nama madaallii hojii gaggeessuu qabu ilaalchisee filannoowwan heddutu jira jechuun ni danda'ama. Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaatu: -

---

[26] -Cragic Fric Schneier: et al., "How to construct a successful Performance Appraisal System", madda dabre.
[27] - Madda gubbaa.




***Boca lakkoofsa (1)***

***Safartuuwwan raawwii hojjataa tokkoo irratti murtii ittiin kennan***

### 1) Hogganaan ykn Ajajaan Kallattii Madaallii Gaggeessuu:

Namoonni gariin[28] madaalliin hogganaan gaggeessu dhukaa fi ijoo seera madaallii raawwii hedduu fi baay'ee salphaa waan ta'eef dhaabbileen hedduun isa bu'uura

godhatu jedhu. Hogganaan raawwii hojii hojjattoota isaa madaaluuf bakka silaa arguu fi too'achuu danda'u irra jira waan ta'eef, madaalliin kuni dhuga qabeessaa fi kan sammuun fudhattuudha jechuun yaadu.

[28] - Gray Dessler: "Personnel Management", madda dabre.

### 2) Gama Hiriyyootaatiin Madaallii Gaggeessuu

Hiriyyoonni raawwii hiriyyoota isaanii isa dhugaa, kan na haa arganii fi na haa jajanii hin qabne arguu waan danda'aniif, dhaabbileen hedduun seera kana fayyadamuu filatu. Qorannooleen gariin seerri hiriyyoota fayyadamuu kun isa nagaya qabeessaa fi kan si'aa'ina qabu waan ta'eef fiixa bayiinsa bulchiini fuul-duratti qabu tilmaamuu keessatti filatamaadha jedhu.

Qo'annoolee hooggantoota waraana Ameerikaa irratti gaggeeffameen[29], tilmaamni hiriyyoonni nama sadarkaan hojii isaa dabalamuufii qaba fi dabalamuufii hin qabu jedhu tilmaamuu keessatti, tilmaamni isaanii sirrii ta'ee argamee jira.

Qorannoon biraa[30]kan hooggantoota warshaalee dhibba lama irratti gaggeeffame akka ibsetti immoo tilmaamni hiriyyoonni nama sadarkaan hojii isaa dabalamuufii qaba jedhanii tilmaamanii sirrii ta'ee argamee jira. Garuu wanti cimaan karaa/tooftaa kana qaawwa itti godhu, carraan hiriyyoonni hiriyyoota isaaniitiif adaba itti godhuun, qabxiilee gurguddoo

waliif kennuun bu'aalee fi hamilee wal-jijjiiruun keessatti mul'ata.

---

[29]-Downey, R.G.et al.: Evaluation of a peer rating system for predicting subsequent Promotion of Senior Milittary Office", Journal of Applied Psychology, vol.61, (Ebla 1976).

[30] -Allan Jraut, : "Prediction of Managerial Success by Pear and Training Staff Rating", Joirnal of Applied Psychology, lakkoofsa 60ffaa (Gurraandhala 1975).

### 3) Gama Koreetiin Madaallii Gaggeessuu

Tooftaa ykn karaa kana dhaabbilee heddutu itti fayyadama. Yeroo maraa koreen kun hoogganaa kallattii hojjataa madaalliin raawwii irratti gaggeeffamuu fi hooggantoota biraa sadi ykn afur irraa walitti qindaaya. Miseensonni koree kanaa hunduu raawwii hojjataa kanaa ni tilmaamu. Wanti tooftaa kana adda godhu loogii irraa fagoo ta'uu isaati. Adda addummaan qabxii miseensota koree kanaatiin kennaman kallattiilee raawwii hojjataa kanaa kan adda addaa mul'isu[31].

### 4) Hoogganamtoonni Ufumaa uf Madaaluu

Akkuma baratame, tooftaan kun madaalliiwwan hooggantoonni gaggeessan walin wal-maddii raawwatama. Garuu qorannooleen gariin akka mul'isanitti, hojjattoonni gariin qabxii guddaa hoogganaan ykn hiriyyoonni isaanii kennaniifii ol waan ofii kennaniif, namoonni hedduun tooftaa kanatti fayyadamuu hin deeggaran[32].

### 5) Hooggantoota Hoogganamtootaan Madaaluu

Akkuma baratame tooftaan kun kan itti fayyadamamu hojjattoota irraa ilaalcha hooggantootnni hojjattootaaf qaban irratti odeeffannoo walitti guuruuni. Gosti tooftaa madaallii

---

[31] - Cragic Fric Schneier: et al., "How to construct a successful Performance Appraisal System", madda dabre.

[32] George Thornton III: "Psychometric Properties of Self-Appraisal of Job Performance", Personnel Psychology vol.33 (Bona 1980).

kanaas kan filatamu yoo hariiroon jidduu hooggantootaa fi hoogganamtootaa jiru raawwii hojii irratti dhiibbaa ifa ta'e kan fidu ta'eedha.

Kanas Yunivarsitiilee, Hospitaalotaa fi jiddu-gala qorannoo fi guddinaa keessatti xiinxaluun ni danda'ama. Iddoolee kanaan ala jiran irratti hooggantoota hoogganamtootaan madaaluun akka hooggantoonni murtiilee fedhii hoogganamtootaa faallessan fudhachuu irraa of qusatan taasisa. Kuni immoo fedhii namoota/deeggartoota baay'ee horachuutiif jecha oomishni ykn raawwiin hojii akka gufatu godha[33].

Marii dhimma kanaa xumuruun duratti, namni madaallii raawwii gaggeessu nama gahumsa fi dandeettii qabu ta'uu akka qabu ibsuun dirqama ta'a. Akkasumas namni kun sirritti gadi bu'amee ilaalamee filatamuu qaba. Safartuuwwan madaallii raawwii irratti hojii irra oolfaman irratti nama muxannoo fi qayyabannaa gahaa qabu ta'uu qaba. Nama miirri isaa tasgabbaayaa ta'e, kan namummaa qabu, kan mul'anni isaa ifa gala ta'e tahuu qaba[34].

### Afraffaa: Turtii yeroo Madaalliin Raawwii Fudhatu

Turtiin ykn deddeebi'iinsi madaallii raawwii kan murtaa'uun karoora walii gala madaallii gaggeeffamuu san irratti hundaa'uuni. Kaayyoon madaallii raawwii kan walii galaa kaayyoo bulchiinsaa kan hojjataan tokko dabaliinsa sadarkaa

---

[33] - Cragic Fric, madda dabre.

[34] - Abdulwahhaab Muhammad Kaffaajii: "Al-muqawwamaatu Al-Asaasiyyaa linizaami taqyiim al-adaa'I", majallatu alkifaaya al-intaajiyyah, lakkoofsa 4ffaa, bara 1978.

hojii haqa godhata ykn kaffaltii dabalataa yeroo yerotti argachuu qaba jechuu murteessuu yoo ta’e, si’a kana madaalliin raawwii hojii bifa itti fufiinsa qabuu fi irra deddeebi’uun gaggeeffamuun

dirqamaa miti. Waggatti yeroo tokko ykn lama bifa idileen yoo gaggeeffame gahaadha.

Faallaa kanaa immoo, yoo kaayyoon madaalliin gaggeeffamuuf kaayyoo fooyya’iinsa hojii fiduu, dhimma rakkinoota raawwii fi tooftaa isa ittiin furan irratti kan hooggantoonni hojjattoota isaanii gorsan ta’e, si’a kana madaalliin karaa al-idilee ta’een bifa itti fufiinsaa fi irra deddeebii qabuun akka hooggantoonni hoogganamtoota isaanii waliin marii barbaadaniin gaggeeffamuu qaba[35].

**Shanaffaa: Bu’aalee Madaallii Irratti Siyaasaa Bulchiinsaa**

Seerri madaallii raawwii kun yoo bu’aa isaatitti hin fayyadamamin ykn bifa qindoomina qabuun yoo hojitti hin jijjiiramin si’aa’ina wayiituu hin qabu jechuun ni danda’ama. Kunis dhaabbilee dhimma safartuulee raawwii hojii daangessan kanneen taateelee namaan wal-qabatan fi nama madaalliin irratti gaggeeffamu san irratti loogii dabiinsaa mul’atu hir’isuu irratti sirritti xiyyeeffatan birattis rakkinni kun ima argama.

Kanaafuu furmaanni jiru, bu’aalee madaallii raawwii irraa argaman akka bu’uura dabaliinsa sadarkaa fi dabltii kaffaltii, akkasumas dirqamaa fi barbaachisummaa hojii sanii

[35] -Raf’at Muhammad Jaab Allaah, Madda dabre.

daangessuuf, hojjattootaaf leenjiilee dandeettii gara garaa cimsa kennuuf siyaasaa bareeda bocuun dirqama ta'a.[36]

Akkasumas hojjattoota qabxii ol'aanaa argatan dabala addaa wayii kan raawwiin walitti hidhata qabu kennuufiin dirqama ta'a. Hooggantoota seera madaallii raawwii bifa si'aa'ina qabuun akka tooftaa deeggartoota isaanii ittiin guddisaniitti itti fayyadamanis, akka hooggantoota fiixa bayiinsa qabaniitti fudhachuun hamilee isaaniin malu kennuufiin dirqama. Murtiileen biiroo humna namaa bu'aalee madaalliitiin yoo walitti hidhata hin qabaatin, seerri madaallii raawwii kun reeffa ta'ee hafa malee akka tooftaa bulchiinsaatti hin fayyadu.

Ammas siyaasaalee daangeffamuu qaban keessaa tokko siyaasa iccitummaa ykn ifa bayiinsa qabxii firii raawwii madaalliiti. Yeroo ammaa kana dandeettii ykn gahumsa ifa godhuun hojjataa tokko raawwii isaa irratti qabxii jabinaa fi laafina inni qabu akka beeku godhuun gara filatamuutti daba.

Yoo akkas ta'ee argame rakkinoota isa mudatan injifachuu irratti fuullefata, qabxiilee jabina isaas ni cimsata. Hariiroon kun immoo namni madaallii gaggeessu yeroo raawwii hojjataa irratti murtii kennu akka inni gara tokkotti hin dabne godha. Kunis hojii madaallii kana tooftaa barbaachisaa ta'e kan gahumsa hojjattootaa dabaluuf gahee qabu isa taasisa.[37]

---

[36] - Cragic Fric Scheneire: et al "How to construct a successful performance Appraisal System", Madda dabre.

[37] - Abdulkariim Muhammad Haashim: "Qiyaasu Kafaa'at Al-Aamiliin", Majallatu Al-Idaaraa, lakkoofsa 2ffaa, Onkololeessa 1978.

# KUTAA LAMMAFFAA

## SEEROTA MADAALLII RAAWWII CICCIMOO fi DHAABBILEE ISLAAMAA WALIIN KAN SIRRITTI DEEMAN

## Boqonnaa Tokkoffaa

## Seerota Ciccimoo Madaallii Raawwii Irratti Fayyadamamanii fi Amaloota Baankiiwwan Islaamaa Waliin Isa Kamtu Mijataa Akka Ta’e Murteessuu

Bu’aalee qorannoo saayinsii dirree bulchiinsa humna namaa irraa argame hedduu keessatti, seeronni dhaabbileen hojii fi tajaajilaa gara garaa hedduun itti fayyadamuu danda’an argamanii jiru. Seeronni kunis hedduun isaanii ykn martinuu waa’ee madaallii raawwii hojjattootaatiin kan wal-qabataniidha. Baankiiwwan Islaamaas seerota kana akka amala, ergaa fi kaayyolee isaa waliin deemuun itti fayyadamuu ni danda’u.

Akkasumas baankiiwwan Islaamaa seerota kana keessaa kan gosa hojii hojjattoonni raawwatanii waliin deemu, kan kaayyolee madaalliin gaggeeffamuuf waliin wal-simu, akkasumas kan waan madaalamu [bu’aa moo amala dhuunfaa, mallattoolee hojjattootaati fi muuxannoolee isaaniitu madaalama] ka jedhu waliin isa wal-simatu fayyadamuu ni danda’u. Seerota madaallii raawwii kanneen baay’inaan itti fayyadamaman erga tarreessineen booda, seerota kana keessaa kana mala baankiiwwan Islaamaa waliin kan wal-siman isa kam akka ta’e ni ilaalla.

### Seera hamma oomisha dhugaa ulaagaalee murtaa’e waliin wal-dorgomsiisuu

Fuulleffannaan seera kanaa, jiddu-galeessa oomishtummaa nama tokkoo, baay’ina oomisha dhugaa kan inni oomishe

baay’ina safartuu turtii san keessatti oomishamuu qaban jedhamee lafa kaayameen wal maddii qabuun dorgomsiisuudha.

Reeshoon kunis kan daangeffamuun yookii muuxannoolee fi shaakkallii kanaan duraa turan irraa ykn immoo karaa Istaatiksiitiini. Karaan istaatiksii kunis gama jiddu-galeessa baay'ina oomisha kanaan dura oomishamanii galmeelee oomisha dhaabbatichaa keessa ilaaluun murteessuudhaani[38].

Amala seera kanaa irraa kan ifa namaa ta'u, gosa hojii tokkoof jiddu-galeessi raawwii raawwatamuun maluu daangeffamee jiraachuun isaa dirqama ta'a. Jiddu-galeessa hamma oomishaa kanas gama qorannaa hojiitiin, akkasumas tooftaa madaalliin raawwii dhugaa jiraachuutiin qopheessuun ni danda'ama. Tooftaan madaallii dhugaa kunis oomishaalee harkaan tuqamuu danda'aniif salphaas tahu, kanneen hin mul'anneef immoo baay'ee ulfaata[39].

### Seera safartuulee hammaa kan hir'ataa deemuu

Seerri kun seerota madaallii raawwii keessaa isa duriiti, dhaabbilee hedduu birattis baay'inaan babal'atee itti fayyadamama. Akka seera kanaatti namichi madaallii raaawwii gaggeessu unkaa madaallii kan mallattoolee sadarkaa raawwii hojii nama tokkoo akeekan jedhamee fudhataman guuta. Mallattooleen kunis: baay'ina hojii fi qulqullina isaa, hojii san irraa odeeffannoon inni qabu hagam takka, dandeettii inni rakkinoota furuu fi namoota biraa hoogganuuf qabu, hiriyyoota,

---

38 - Raf'at Jaab Allaah, madda dabre.
39 - Gray Desseler, madda dabre.

Hooggantootaa fi hoogganamtoota isaa waliin hagam tokko gamtaan hojjata ka jedhuu fi dhimmoonni biraas unkaa irratti guutamu[40].

Tokkoo tokkoo qabxiilee unkaa irratti guuttamanii kanniin fakkeenyaaf sadarkaa zeeroo irraa hanga shaniitti tarreessuun, zeeroo jechuun namni sun amala hin qabu jechuu bakka yoo bu'u shan immoo amala guddaa qaba jechuu kan mul'isu bakka bu'a. Sana booda tokkoo tokkoo qabxiilee sanii irratti sadarkaaleen namni sun argate walitti ida'amuun sadarkaa walii galaa raawwii nama sanii mul'isu argachuu dandeenna.

Seera kana irratti rakkinni himamu waan si'aa'ina isaa xinneessuudha. Innis namni raawwii madaallii kana gaggeessu gara dabuutti dabuun isaa ni mala. Kunis nama madaalliin irratti gaggeeffamu san sababa inni amala tokkoon baay'ee bareeda ta'eef qofa amaloota hunda keessatti sadarkaa ol'aanaa isaaf kennutu argama [fakkeenyaaf yoo namni sun sa'aatii seensaa fi bayiinsaa sirritti kabaja ta'e].

Akkasumas namni maadaallii gaggeessu kun hojjattoota hundaa ykn hedduu isaanii qabxii ol'aanaa kennuufiin [yoo nama waa laaffisu tahe], yoo nama waa jajjabeessu tahe immoo gara amala namni tokko qabxii gadi aanaa irratti fide saniitti dabuu danda'a. Kana hundaa olitti, seerri kun mallattoolee raawwii namaatti akeekan irratti waan bu'uureffameef, amala raawwii hojii isa dhugaa hin ibsu waan ta'eef odeeffannoolee

hojjataan kun irraa baratee fuul-duratti raawwii hojii isaa ittiin fooyyessu hin laatuuf[41].

---

[40] - - ager, E.d.: "A Critique of Performance Apraisal Systems", Personnel Journal, qabiyyee 60, lakkoofsa 2ffaa, (Gurraandhala 1981).

### Seera Hojjattoota [xundaan] Wal-dorgomsiisuu

Hojjattoota wal-dorgomsiisuun tooftaalee heddutti fayyadamuun ni danda'ama. Isaanis:

### 1- Waraqaa Fayyadamuu:

Namni madaallii raawwii gaggeessu maqoota hojjattootaa ykn mallattoolee wal-dorgomsiisuun barbaachisu waraqaa addaa irratti galmeessuun, sana booda waraqaalee kana keessaa isa lama fudhachuun waraqaa hafe kan harka isaatti qabate san waliin wal-maddii qabuun, waraqaa bareeda taate keessaa filatee isa dadhabaa san immoo moggaa kaaya. Waraqaalee hafanis haaluma kanaan itti fufuun wal-dorgomsiisee haga waraqaa hunda wal-maddii qabee xumurutti itti fufa.

Asitti waraqaa harka isaatti hafe kana raawwiin isaa bareeda jedhamee fudhatama. Kana jechuun sadarkaa jalqabaattu isaaf kennama, tarkaanfiilee dabran kanniin gosoota waraqoota moggaa keenne waliin dorgomsiisuun dhuma irra isa itti aanuuf sadarkaa lammaffaa kennuun, irra deddeebi'iinsi ittuma fufuun hanga sadarkaa sadaffaa, afraffaa jedhaa hanga dhuma baay'ina hojjattoota hundaa wal-maddii qabuun tartiiba sadarkaa isaanii tarreessinutti itti fufa.

### 2- Gabatee Duraaf Duuba wal-dorgomsiisa xundaatti fayyadamuu [ The Paired Comparision Ranking Table]:

Seera kana keessatti hojjattoota wal-duraa duubaan naquun qabxii hojjataan tokko argate fakkeenyaaf [x] bakka yoo buufne

---

[41] - Kamaal Ja'afar Al-Muftii, "Fa'aaliyyatu Al-Baraamij Attadriibiyyah beeyna Al-Qiyaasi wattadriib", Majallatu Al-Idaaraa al'aammaa, lakkoofsa 22ffaa, Ebla 1982.

isa namoonni biraa argataniin wal-dorgomsiisuundha. Hojjataan qabxii ol'aanaa argate sadarkaa tokkoffaa ta'a, hojjataan qabxii sanii gadii argate immoo sadarkaa lammaffaa ta'a, bifuma kanaan hanga hojjattoonni hundi tartiibeffamanitti ittuma fufna.

### 3- Seera Korojoo Waraqaa Fayyadamuu

Akka seera kanaatti namni hojii madaallii gaggeessu korojoolee waraqaa qabdu sadi qopheessa. Korojooleen sadan kun hoogganamtoota hunda of keessatti hammatti. Waraqaan Korojoo jalqabaa, garee hojjattootaa kanneen raawwiin isaanii jiddu-galeessaa ol tahe hammata, gareen lammataa immoo hojjattoota raawwiin isaanii jiddu galeessa ykn dadhabaa tahe qabata, gareen inni sadaffaan immoo hojjattoota raawwiin isaanii walakkaa gadii ykn baay'ee dadhabaa kan tahe hammata.

Haala kanaan hojjattoota hunda gareelee madaallii raawwii isaanii irratti eega addaan qoqqoonne booda, namni madaallii gaggeessu kun gareelee hojjattoota korojoolee hunda keessa jiranii wal-dorgomsiisuun wal-duraa duubaan kaaya. Firiin dhumaa immoo korojoo hojjattoota sadarkaan raawwiin isaanii walakkaa ol tahee keessatti hojjattoota raawwiin isaanii baay'ee

bayeessa tahe, isa jiddu-galeessa keessatti immoo hojjattoota raawwiin isaanii dadhabaa ta'e wal-duraa duubaan tarreessina.

Garuu rakkinni seera kanaa hojjattoota baay'ee hedduu ta'an wal-dorgomsiisuun baay'ee ulfaata. Baay'ina namoota wal-dorgomsiifamanii akka armaan gadii kanatti argachuu dabdeenna:

$$\frac{N\,(N-1)}{2}$$

N= baay’ina waan wal-dorgomsiifamuu, innis gosa hojii, baay’ina hojjattootaa, amalaoota madaallii raawwii hojjattootaa ta’uu danda’a. Fakkeenyaaf: waa torba osoo wal-dorgomsiisuu barbaannee, baay’inni wantoota wal-dorgomsiifamanii sun

$$=\frac{7\,(7-1)}{2}=21$$

Hoogganamtoota lakkoofsi isaanii shantama tahe wal-dorgomsiisuu yoo barbaanne immoo, baay’inni wal-dorgomtootaa akka armaan gadii kana ta’a:

$$=\ \frac{50\,(50-1)}{2}=1225$$

Kun immoo lakkoofsa baay’ee hedduu waan ta’eef tooftaa kanaan wal-dorgomsiisuun ni ulfaata.

### Seera Duraa Duuba Salphaa/Kallattii [Simple or Straight Ranking]

Seerri kun baay’ee gatiin isaa xiqqaa kan ta’ee fi yeroo garee baay’inni miseensa hojjattoota isaa muraasa ta’e irratti itti fayyadaman baay’ee gadi bu’iinsa kan qabuudha. Seera kana keessatti duraa duuba sadarkaalee hojjattootaa isa baay’ee guddaa irraa gara isa xiqqaatti, eegasii gara isa baay’ee xiqqaa ta’eetti tarreessuun kaayama.

Garuu qaawwi seerri/tooftaan kun qabu, qabxiilee raawwii hojiitiin wal-qabatan humnda of keessatti hammachuu dhabuu isaati. Tariitii dhimmoota raawwii hojii kanneen xaxaa ta’an

garii gar-malee akka salphaatti fudhachuun qaawwa guddaa uuma[42].

### Seera Duraa Duuba Dirqamaanii [Forced Distribution Ranking]:

Seera kana keessatti hojjattoota tartiibessuun gareelee adda addaa irra dirqamaan qooduun akka inni boca paraboollaa uumamaa qabaatu godhuudha. Seera kana keessatti hojjattoota dirqamaan gara gareetti addaan qooduun, fakkeenyaaf garee baay'ee gaarii (100%), garee gaarii (80%), garee jiddu galeessa (40%), garee dadhabaa (20%), garee baay'ee dadhabaa (10%) kaayuudha.

Rakkinni tooftaa kanaa immoo murtii fi madaalliin raawwii hojii irratti kennamu bifa qajeela ta'eenii miti. Akkasumas tooftaan kana irratti qaamni ykn namni madaallii gahumsa hojjattootaa raawwatu gara tokkotti dabiinsaa fi fedhii mataa ofii jala deemuudhaaf isa saaxila.

### Seera Tarreelee [Checklist]

Bu'uureffamni seera kanaa amala hojii bifa ibsa gareelee adda addaatiin fi himoota bifoota raawwiin hojiin barbaachisaa ta'e tokko fiixa bayuu isaa mul'isan irratti hundaa'eeti. Seerri tarreelee kunis gosa lama qaba:

### Inni jalqabaa: Tarreelee Irra Filatamaa:

Seera kana keessatti, beektonni dhimma kana irratti baratan gareelee amalootaa kanneen gosa hojii filatamaa ibsan addaan baasuun ibsu. Gareelee filannoon irra bu'e hundaafuu ulfaatina

[42] - Richaard Haandersan, Hiikaan Ibraahiim Ahmad Abdullazxiif, : "Madkal ilmii li taqyiimi al-adaa", majallatu Al-Idaarah, lakkoofsa 2ffaa, onkololeessa 1990.

ykn gatii wayii kennuuf. Sana booda namni madaallii raawwatu mallattoo wayii fuul-dura amala hojii hoogganamaa sanii fakkaatan kaaya. Ulfaatina gareelee mallattoon duratti godhamee san walitti ida'uun ida'ama qabxii walii gala hojjataa madaalamuu san argata.

**Inni Lammataa: Tarreelee Filannoo Dirqamaa:**

Inni kun isa jalqabaatiin wal-fakkaatus, garuu waa hedduun isa irraa adda ta'ee argama. Sunis: gareeleen amalaa asitti gosa hojii filatamaa fi kan hin filatamnees of keessatti hammata.

Akkasumas namni madaallii raawwii gaggeessus gosa garee kamtu nama madaalliin irratti gaggeeffamuuf saniif hirreegamaa, isa kamtu isaaf hirreegamaa hin beeku. Sababni isaas koodiin isaa qaama bulchiinsaa ol'aanaa harka jira waan ta'eefi.

Kanatti dabaluudhaan gareeleen amalaa qooda kanaa bakkee afuritti addaan qoodamu. Inni lamaa amala hojii barbaadamaa yoo ibsu, isaan lamaan hafan immoo amala hojii hin barbaadamnee ibsu. Fakkeenyaaf qoonni afran sun boca armaan gadii kana qabaata:

Hojii isaa keessatti tasa dogongora hojjata
Hoogganamtoota isaatiin ni kabajama

Filatamaa
Ykn jaalatamaa

Hojii tokko fiixa baasuuf jecha beellama irraa duubatti hafa

Yaada dhuunfaa isaatiin namoota biraa amansiisuu hin danda'u

Sababa namni madaallii kana gaggeessu garee gaarii (filatamaa) fi isa hin filatamne addaan hin beekneef jecha, seera kana keessatti loogii ykn gama tokkotti dabiinsa hojjachuuf

haalli mijatuu baatus, sababuma kanatu tooftaa kanaaf akka hanqinaatti fudhatama. Sababni isaas hoogganaan hoogganamtoota isaa qabxii jabinaa fi dadhabina isaan raawwii irratti qaban itti himuu hin danda'u waan ta'eefi.

### Seera Taateewwan Rakkisaa Ta'anii:

Seera kana keessatti, waraqaa ibsa hojii ibsu irratti hundaa'uun beektonni taateewwanii fi argamoota rakkisaa ta'an kanneen fiixa bayiinsa ykn fashaliinsa hojjataa tokkoo irratti dhiibbaa ni geessa jedhanii yaadan adda baasu. Isa kana irraa ka'uun namoonni madaallii gaggeessan (Hooggantoonni kallattii) akkaataa raawwii hoogganamaa isaanii kana xiinxallu, akkasumas taateewwan kunis yoo hojjattoota kana bira ka jiraatan ta'es ni ilaalu, akkasumas taateen kun hagam takka deddeebi'ee akka mul'atu xiinxalluun tokko tokkoon galmeeffatu.

Yeroon madaallii raawwii yoo gaye immoo, hogganaan tarree galmee raawwii hojjattootaa san irra deebi'ee ilaaluun, gabaasa raawwii hojjataa saniif qophaaye irratti, argamtoota rakkisaa ta'an sanniin keessaa kan hojjataan kun argisiise isa kamtu dhiibbaa gaarii qaba, isa kamtu dhiibbaa hanqina isaa akka mul'isuu fi taateen kun turtii yeroo hagamiitiin akka deddeebi'ee mul'atu murteessuudha.

Seera taateewwan rakkisoo ta'anii kana keessaa inni baay'inaan madaallii raawwii hojjattootaa irratti babal'atee mul'atu; tooftaa safartuu amala sadarkaan deemuu isa

Jedhuudha. Yeroo karaa kana bocnu qabxiilee armaan gadii kana hordofuu qabna[43]:

- Hojiilee madaalliif dhiyaatan bifa taateewwan amalaa kan barbaachisummaa fi sadarkaa hojii saniin wal-simuun ibsuu;
- Taateewwan amalaa kanas murnoota raawwii hojii ijo ijoo ta'aniin (fakkeenyaaf: waa uumuu, dandeettii jalqaba wayitti bu'uu fi rakkinoota furuu fi murtiilee fudhachuu) addaan qoqooduu;

- Murnoota raawwii hojii jalatti tarreeffaman hunda taateewwan rakkisoo jalatti addaan qooduun, madaala/safartuu qabxiilee heddu irraa walitti qabamte jalatti ramaduu. Qabxiileen kunis zeeroo [murnichi hin jiru] jedhu irraa kaasee haga qabxii ol'aanaa, fakkeenyaaf saddeetiitti itti fufa.

Wanti seera kana adda godhu, yoo kaayyoon walii galaa silaa madaalliin raawwiin gaggeeffamuuf kaayyoo fooyyessaa fi guddisa hojjataa taate, isa kaayyoo bulchiinsaa caalaa wal-simata. Garuu rakkinni tooftaa kanaas, yeroo, kaffaltii fi carraaqqii inni gaafatuudha. Akkasumas hooggantoota kallattii irraa gorsa cimaa ta'etu hoogganamaaf kennama. Kun immoo hojjattoota hamilee isaanii gadi buusa.

## Seera Kaayyoo Daangeffachuu:

Seera kana keessatti raawwiin hojjattootaa kan madaalamuun kaayyoo murteessuuni [Goal setting]. Naannoo waggoottan kurnan lamaan dabranii keessa itti fayyadamamni tooftaa kanaa gar-malee babal'atee jira. Tooftaan kunis

[43] Musxafaa Musxafaa Kaamil, "Idaaratu Almawaarid Al-Bashariyyah", daaru asha'ab, Kaayiroo 1992.

maqaalee fi bocoota adda addaa qaba. Fakkeenyaaf: bulchiinsa kaayyoonii, ykn tooftaa bulchiinsaa kaayyoo fi of too'achuun ykn bulchiinsa bu'aanii fi karoora hojii. Dubbiin ijoon seera kanaa kan jiru kaayyolee daangeffamoo hojjataan tokko yeroo isaaf daangeffame keessatti fiixa baasuu qabu daangessuu. Kana irraa ka'uun raawwii isaatii fi sadarkaa isaa irratti murtii kennuun ni danda'ama.

Hojiin madaallii kaayyoo[44] fiixa bayee kun kan eegalu, hoogganamtoonni waraqaa adii fayyadamuun kaayyolee barreessuu, daangessuu fi gosoota hojiilee fuul-duratti raawwatamuu hedaniis barreessuudhaani. Ammas hoogganamaan kuni itti deebi'uun ammas dhuma yeroo sanii irrattis kaayyolee galma gayanii fi gufuulee yeroo inni kaayyoo san galmaan gayu isa mudatan galmeessa.

Akkasumas kaayyolee fi hojiilee biraa haaraya kan ta'an kan turtii yeroo itti aanuu keessatti dalagamuu qabanis ni barreessa. Bifuma wal-fakkaatuun unkaa kanaan dura qophaaye kan itti gaafatamummaa fi kaayyoleen isaa ijoon keessatti daangeffamee

jirus fayyadamuu danda'a. Garuu daangeffamni sun bifa ifa gala dhokata tokko hin qabneen ta'uu qaba. Akkaataa kaayyoo bocamte sanis fiixa ittiin baasus daangessuu qaba.

Seerota madaallii raawwii hojjattootaa ciccimoo armaan olitti tarreessine kana irraa kaanee, seeronni hunduu hanqina itti himamu qaba waan ta'eef, gariin seerota kanaa kaayyolee madaallii keessa isa garii qofa irratti waan fuulleffatuuf, seerri madaallii kan baankiiwwan Islaamaa keessatti hojii irra ooluu

[44] - Richaard Haandarsan, madda dabre.

qabu, seera wal-makaa kan seerota dubbanne kana hunda of keessatti hammatu ta’uu qaba. Seerri wal-makaan kunis bu’aalee hojii madaaluuf, amaloota hojjattootaa madaaluuf, bifaa fi mallattoolee isaanii kan hojii isaanitti kenname akka raawwatan isaan godhan beekuuf gargaara. Seerri kun seera kaayyolee daangessuu fi seera safartuuwwan amalaa of keessatti hammata.

# KUTAA SADAFFAA

## SEERA MADAALLII HOJJATTOOTA BAANKILEE ISLAAMAA MADAALAN IRRATTI SEEROTA DAANGESSAA KAN AMANTIIN ISLAAMAA KAAYE

## KUTAA SADAFFAA

## SEERA MADAALLII HOJJATTOOTA BAANKILEE ISLAAMAA MADAALAN IRRATTI SEEROTA DAANGESSAA KAN AMANTIIN ISLAAMAA KAAYE

Seerota daangessitoota amantiin Islaamaan lafa kaaye jechuun safuulee fi sonoota amantii kan bu'uurri isaa Qur'aana Rabbii tahe jechuudha. Qur'aanni kun jecha Rabbii guddaa ol ta'ee of keessaa qaba. Jechi Rabbii kunis osoo homaa irraa hin haqamin, osoo homtuu itti hin dabalamin, osoo ilmi namaa keeyyata isaa tokko hin jijjiirin akkuma Rabbiin biraa buufameen jira**.**

Sunnaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi Rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* Qur'aana kana ibsa ykn hiika, warroonni qaqqajeeloodhan isaan boodaan dhufanis dhaabbilee bulchiinsa biyya Islaamaa hoogganuu keessatti karaa ergamaa Rabbii kana irra deeman. Safuulee kun gosa gara garaa fi baay'ee waan ta'eef, hunda dubbachuun dandeettii qorannoo kanaatii oli.

Kanaafuu nuti seerota kana keessaa kanneen madaallii raawwii hojjattootaa waliin hidhata qaban qofa irratti fuulleffanna. Seerota kanas akka armaan gadiitti tarreessina:

- Seerota amantii Islaamaa kana mala hojjattoonni gama hojii fiixa baasuu irratti qabanii fi sona amalli
  dalagaa firii qabduu sun irratti dhaabatu. Sunis akka armaan gadii kana ta'a:

  a) Hagam takka yeroo hojii kabaja;
  b) Gatii raawwii hojii;
  c) Reeshoo oomishaa fi seerota dirqama ta'an;

d) Sadarkaa qulqullina hojii raawwatamuu.

- Seerota amantii Islaamaa kanneen amalaa fi sosochii hojjottoota dirree hariiroo wal-jijjiirraa fi hojii irra dalaganii.
- Seerota amantii Islaamaa kanneen bifaa fi mallattoolee namoota madaallii raawwii gaggeessanii mul'isu. Armaan gaditti seerota kanniin irratti marii taasifana:

## Boqonnaa Tokkoffaa

## Seerota Amantii Islaamaa Kan Amaloota Hojjattoonni Hojii Baankiiwwan Islaamaa Fiixa Baasuuf Qabaachuu Qaban

Hojjattoonni hojii isaanii fiixaan baasuun akka walii galaatti dhaabbilee Islaamaa keessatti fi akka addaatti immoo Baankiiwwan Islaamaa keessatti kan irratti hundaa'an amaloota hedduu kanneen yeroo madaallii raawwii hojjattootaa gaggeessan gatiin kennamuuf qabanii fi kan hirreega keessa galfamuu qaban irraayyi. Amaloota sanniin keessaa muraasni kan armaan gadiiti:

### A) Yeroo Hojiitti Dhimmamuu fi Kabajuu:

Akka ilaalcha amantii Islaamaatti yeroon kan uumameef hojii bareedaa fi gaarii ta'e kan ceem'aa, harkifannaa fi tapha bu'aa hin qabne irraa qulqullaayeefi. Hojiileen hojjannu kunis kan har'a duniyaa kanas tahee kan boru aakiraas qabata. Hojii har'aa qofa ilaallee isa aakiraa irraanfachuu hin qabnu, isa boriittu isa har'aa kanatti nama geessa irrattis nama gargaara waan ta'eef[45].

Safuuleen amantii Islaamaa hedduun akka namni sa'aatii hojii kabajuu fi akka inni itti dhimmamu irratti kakaasau. Amantiin Islaamaa yeroo hojiif kenname san irraa dhimma biraa kan hojii saniin wal-hin qabanne irra oolchuu haraama godhee

jira. Yoo dhimma rakkisaa fi dhugaa ta'eef hayyama gaafate malee. Hayyama kana immoo hojii diddaaf, dirqama isa

[45] -Abu Haamid Al-Gazaalii, "Ihyaa'u Uluumu addiin" maxxansa Iisaa Al-Baabsii.

irraa eeggamu bayachuu jalaa dheessuu fi waadaa isa irraa eeggamu kan shari'aa Islaamaa hin faallessine guutuu diduuf fudhachuunis hin gayu.

Rabbiin guddaan Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَوۡفُواْ بِٱلۡعُقُودِۚ ۞١﴾ المائدة: ١

*[Yaa Warra (Rabbitti) amantan hoo! Waadaalee galtan guutaa]*

Ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan: Mu'imintoonni walii galtee isaanii irra jiru (ni kabaju). Kunis kan ibsu waadaa guutuun ajaja Rabbii ol'aanaa irraa tahe ta'uu isaati. Ajaja kana faallessuun immoo nama san dallansuu fi adabbii Rabbiitiif isa saaxila.

Kana irraa kan barannus amantiin Islaamaa kallattiidhaan yeroo kabajuu fi saamachuu irratti futunutti akka nu ajaju argina. Kunis kan ibsu hojjattoota dhaabbilee Islaamaa keessa hojjatan (san keessaa Baankiiwwan Islaama keessa kan dalagan) biratti miira barbaachisummaa yeroo fi barbaachisummaa isii qindeessuun bifa raawwii fi shaakkalliiwwan gabbara Rabbii nu harkaa hin faallessinee fi osoo yeroo isaa irraa hin dabarsine dhimma itti bayuu akka qabnu mul'isa.

Akkasumas amantiin Islaamaa hojjataan hojii irratti finciluu fi hojii irraa dheessuuf jecha na dhukkuba jedhee himachuu akka tooftaa mallaqa namaa dharaan nyaatuutti fudhata. Kaffaltiin hojjataa saniif kennamu baay'ina yeroo inni dalagee irratti waan

hundaa'eef, sobaan dhukkubsachuun kun immoo amantii Islaamaa keessatti haraama ta'a. kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَلَا تَأْكُلُوٓاْ أَمْوَٰلَكُم بَيْنَكُم بِٱلْبَٰطِلِ ﴿١٨٨﴾ ﴾ البقرة: ١٨٨

*[Jidduu keessanitti mallaqa dharaan wal irraa hin nyaatinaa]*

Fiixa bayiinsi hojii tokkoo yeroo hojii san kabajuu fi isatti dhimmamuu waliin hidhata baay'ee cimaa ta'e qaba. Kanaafuu itti fayyadamamni yeroo qisaasa qabeenyaa hir'isa, yeroo san immoo guutumatti hojii irra oolchuuf nama gargaaruun isaa kan nama waldhabsiisuu miti.

### B) Gatii Raawwii Hojii:

Hojii tokko bifa barbaadamuun fiixa baasuun gatii fiixa bayiinsi isaa sun fixes itti dhimmamuu barbaada. Yeroo hojii guutumatti fayyadamuun hamma oomishamuun malu oomishuu qofa ilaaluun, akkasumas hamma qulqullina hojii raawwatamee qofa irratti hundaa'uun fiixa bayiinsa hojii qofa ilaaluun, ykn raawwii hojjataa tokko ilaalanii bareeda ykn fudhatama qaba jedhani murteessuun qofti gahaa miti.

Gatii fi baasiiwwan dhaabbatichi hojii kana fiixa baasuuf baase hundi hirreega keessa galchuun dirqama ta'a. wanti kana jenneef hojiin raawwatame kun tariitii gatiin safartuu tokko oomishuu isaa baay'ee ol ka'aa ta'uu danda'a. ol ka'iinsi gatii kanaas sababa: humna oomishtummaa maashinaa ykn meeshaalee dheedhee qisaasessuun ni mala, yookii sababa

oomisha oomishamu keessaa kan badu/qulqullina hin qabne baay'atuuf, ykn meeshaalee, maashinoota hojii fi ijaarsa manichaa seeraan surphuu dhabuun ta'uu danda'a.

Kun immoo gahumsi raawwii hojii gadi bu'aa ta'uu mul'isa. Kun hundinuu seerota durii kan waa daangessan ta'ee xiinxalli bulchiinsa ammayyaa baay'ee fuulleffannaa waan kenneefiif, bulchiinsi baankiiwwan Islaamaa seerota kana salphatti fudhachuu hin qaban, itti yaaddayuu qabu.

Xiinxalli Islaamummaa seerota Islaamaa hedduu kanneen baankiiwwan kunniin yeroo madaallii raawwii hojjattootaa gaggeessan itti dhimmamuu qaban of keessatti hammatee jira. Seeronni kunis gatii raawwii hojiitiif bayu hir'isuu fi gahumsa raawwii hojiif namni qabu dabaluuf nama gargaara. Seerota kanneen keessaa: -

- Amantiin Islaamaa hojjataa Muslimaa tokko akka inni baasii hunda keessatti jiddu-galeessa baasu dirqama irratti godhe. Kana jechuun mallaqa baankiin baasiidhaaf ramade kana qisaasessuu fi balleessuun ala bifa sirrii ta'een dhimma itti bayuun isarratti dirqama.

- Tooftaalee oomishaa bifa sirrii ta'een haga silaa itti fayyadamamuu qabu sanitti fayyadamuu irratti itti fuftunuu qaba.

- Qabeenya dhaabbata keessa dalaguus sirritti qabachuu qaba. Kun immoo baasii safartuu oomishaa tokko oomishuuf bayu gadi buusuun dhuma irratti kaayyoo baankichaa galmaan gayuuf nama gargaara.

Kana irratti Rabbiin guddaan yeroo amala/ mallattoolee warra isa dhugoomsanii himu akkana jedha:

﴿ وَٱلَّذِينَ إِذَآ أَنفَقُواْ لَمۡ يُسۡرِفُواْ وَلَمۡ يَقۡتُرُواْ وَكَانَ بَيۡنَ ذَٰلِكَ قَوَامٗا ٦٧ ﴾ الفرقان: ٦٧

*[Warroota yeroo (baasii/kennaa) baasan hin qisaasessine, maras hin doynoomne, kan jidduu lamaanitti kennatan]*

﴿ ۞ وَهُوَ ٱلَّذِىٓ أَنشَأَ جَنَّٰتٍ مَّعۡرُوشَٰتٍ وَغَيۡرَ مَعۡرُوشَٰتٍ وَٱلنَّخۡلَ وَٱلزَّرۡعَ مُخۡتَلِفًا أُكُلُهُۥ وَٱلزَّيۡتُونَ وَٱلرُّمَّانَ مُتَشَٰبِهًا وَغَيۡرَ مُتَشَٰبِهٍۚ كُلُواْ مِن ثَمَرِهِۦٓ إِذَآ أَثۡمَرَ وَءَاتُواْ حَقَّهُۥ يَوۡمَ حَصَادِهِۦۖ وَلَا تُسۡرِفُوٓاْۚ إِنَّهُۥ لَا يُحِبُّ ٱلۡمُسۡرِفِينَ ١٤١ ﴾ الأنعام: ١٤١

*[inni (Rabbiin) kan ooyruu (biqiltuun guutamte) isiniif kenne, gariin (biqiltuu) kan lafa irraa ol fuudhame gariin kan ol hin fuudhamin kan akka timiraa fi facaasaa dhandhamni isaa adda adda, zeeytunaa fi rummaana wal-fakkaatuu fi wal-hin fakkaannes (kan uumedha), firee isaa irraa yeroo inni fireesse nyaadhaa, yeroo haamama isaas haqa isaa (zakaa) kennaa, kennaan daangaa hin dabrinaa dhugumatti Rabbiin qisaasessitoota hin jaalatu].*

﴿ إِنَّ ٱلۡمُبَذِّرِينَ كَانُوٓاْ إِخۡوَٰنَ ٱلشَّيَٰطِينِۖ وَكَانَ ٱلشَّيۡطَٰنُ لِرَبِّهِۦ كَفُورٗا ٢٧ ﴾ الإسراء: ٢٧

*[Warroonni qisaasessan obboleeyyan sheyxaanaati, sheyxaanni immoo tola Rabbii kan waakkateedha].*

Hadiisa ergamaa Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* keessa, Hadiisonni kennaa keessatti qusachuu fi qisaasessuu dhabutti nama ajajan heddutu jira.

Akkasumas, amantiin Islaamaa hojjataan tokko qabeenya dhaabbatichaa keessaa waan haqa isaa hin taane, kaffaltii isaaf kennamuun ala akka hin fudhanne dhoorgee jira. Hadiisa ergamaa Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* irraa odeeffame keessatti akkana jedhan:

**من استعملناه على عمل فرزقناه رزقاً فما أخذ بعد ذلك فهو غلول[46]**

---

[46] - Al-Imaam Assuyuuxii, "Jaami'u Al-Ahaadiis" maxxansa addaa, bara maxxanfameen alatti.

***{Namni hojii wayii irratti isa qacarannee, kaffaltii isaaf goone, wanti inni kanaan ala (Kaffaltii isaaf kaffalamuun alatti) fudhate rooroodha}.***

Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَمَن يَغۡلُلۡ يَأۡتِ بِمَا غَلَّ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۚ ثُمَّ تُوَفَّىٰ كُلُّ نَفۡسٖ مَّا كَسَبَتۡ وَهُمۡ لَا يُظۡلَمُونَ ١٦١ ﴾ آل عمران: ١٦١

*[Namni waa roorrise guyyaa qiyaamaa waan roorrise san qabatee dhufa, sana booda lubbuun hunduu waan dalagdeen mindeeffamti, namuu hin miidhamu]*.

Roorroo keessaa tokko, kennaa hojjattootaaf kennamuudha, innis murtima nama waa roorrisee fudhata. Abuu Daawuud kitaaba isaanii Sunana jedhamu keessatti

odeessan, imaamu Muslimis Sahiiha isaanii keessatti, *Abaa Hamiid Assaa'idii* irraa, ergamaan Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) n*ama maqaan isaa Ibnu Alluteeybaa jedhamu sadaqaa/zakaa akka guru kireeffatan. Yeroo kennaa san walitti qabee dhufu akkana jedhe: "Kuni keessani, kuni anaaf kennaa naa kenname" jedhe, sana booda ergamaan Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* minbara irra koranii Rabbiin galateeffatanii, faarfatanii eega xumuran booda akkana jedhan:

**ما بال العامل نبعثه فيجيئ فيقول هذا لكم وهذا أهدي لي، ألا جلس في بيت أمه وأبيه فينظر أيهدى له أم لا؟ لا يأتي أحد منكم بشئ من ذلك إلا جاء به يوم القيامة، إن كان بعيراً فرغاء أم بقرة فلها خوار أو شاة تبعر، ثم رفع يديه حتى رأينا غرتي أبطيه ثم قال: اللهم هل بلغت اللهم فاشهد**[47]

[47] -Al-Qurxubiyyi: "Tafsiir Al-Qurxubiyyi", maxxansa Daaru Asha'ab, Kaayiroo, bara maxxansaatiin ala.

*{Hojjataan nuti erginee, yeroo dhufu kuni keessani kuni naaf kenname jedhu maali? Mana haadha isaa ykn abbaa isaa taa'ee kennaan isaaf kennama moo hin kennamoo hin ilaaluu? Isin keessaa namni kamiyyuu waan kana irraa waa fidee (fudhatee argamee) jennaan guyyaa qiyaamaa baatee dhufaan, yoo gala tahe haala ololchuun ynk sa'a mar'attu ykn Re'ee iyyitullee osoo taheellee, eega sanii harka isaanii hanga addeenni bobaa isaanii mul'atutti ol-kaasanii akkana jedhan: Yaa Rabbi ani geessee jira, Yaa Rabbi Ragaa naa tahi}.*

Sababaan kennaan nama hojjatuu (roorroon) haraama godhameef, namni sababa aangoo ykn hojii isaatiif jecha kennaa isaaf kennamtu fudhatu kun, namoota isaaf kennaa kennan kana gammachiisuuf jecha qabeenya dhaabbata irra dalaguu san keessaa waa kennuun isaa waan hin oolleefi. Kun immoo baasii fi gatii dhaabbaticha irratti dabala.

### a. Dhibbeentaa ykn Reeshoo Oomishtummaa:

Xiinxalli Islaamummaa seerotaa fi safuulee hedduu hojjattoonni dhaabbilee Islaamaa keessa hojjatan ittiin daangeffamuu qaban hedduu lafa kaayee jira. Dhaabbilee seerotaa fi safuulee kana hojii irra oolchuu qaban keessaa tokko baankiiwwan Islaamaati. Baankileen Islaamaa kunis akka jalqabaatti kan inni irratti xiyyeefatu fiixa bayiins hojii dhaabbilee Islaamaa saffisiisuudha. Kunis sadarkaa raawwii hojjattoota isaa ol kaasa.

Kanaafuu seerota kana keessaa kanneen wal-dorgommii seera qabeessa amantii hin faaleessine wal-qabatan irratti

fuulleffachuun dirqama. Wal-dorgommii hojjattoota jiddutti gaggeeffamu kana hoogganaa fi hoogganamaan baankiiwwan Islaamaa keessa dalagan hunduu itti dhimmamuu qabu. Qur’aanni kabajamaan keeyyatoota wal-dorgommii akkanaa kana irratti nama kakaasaniin kan guutameedha. San keessaa:

﴿ إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ لَفِي نَعِيمٍ (٢٢) عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ يَنظُرُونَ (٢٣) تَعۡرِفُ فِي وُجُوهِهِمۡ نَضۡرَةَ ٱلنَّعِيمِ (٢٤) يُسۡقَوۡنَ مِن
رَّحِيقٖ مَّخۡتُومٍ (٢٥) خِتَٰمُهُۥ مِسۡكٞۚ وَفِي ذَٰلِكَ فَلۡيَتَنَافَسِ ٱلۡمُتَنَٰفِسُونَ (٢٦) ﴾
المطففين: ٢٢ - ٢٦

*[Dhugumatti toltuu hojjattooni qananii keessa jiraatu, sireewwan irra(taa’anii) ilaalu, fuula isaanii keessatti ifina qananii ni beeyta, farsoo qadaadamaa irraa obaafamu, kan dhumti isaa miskiidhaa sana keessatti warri wal-dorgoman wal-haa dorgoman].*

﴿ وَلِكُلّٖ وِجۡهَةٌ هُوَ مُوَلِّيهَاۖ فَٱسۡتَبِقُواْ ٱلۡخَيۡرَٰتِۚ (١٤٨) ﴾ البقرة: ١٤٨

*[Hawaasa hundaafuu kallattii isaan itti fuulleffatantu (garagalantu) jira, waan gaggaarii (toltuu) irratti wal-dorgomaa].*

﴿ لِكُلّٖ جَعَلۡنَا مِنكُمۡ شِرۡعَةٗ وَمِنۡهَاجٗاۚ وَلَوۡ شَآءَ ٱللَّهُ لَجَعَلَكُمۡ أُمَّةٗ وَٰحِدَةٗ وَلَٰكِن لِّيَبۡلُوَكُمۡ فِي مَآ
ءَاتَىٰكُمۡۖ فَٱسۡتَبِقُواْ ٱلۡخَيۡرَٰتِۚ (٤٨) ﴾ المائدة: ٤٨

*[Ummata hundaafuu seeraa fi karaa irra deeman gooneefii jirra, Rabbiin osoo fedhee ummata tokko isin taasisa ture, garuu waan isiniif kenne keessatti isin qormaatuuf (addaan isin baase), hojii gaarii keessatti wal-dorgomaa].*

## Amantii Islaamaa Keessatti Ulaagaalee Dhibbeentaa Raawwii Bocuuf Barbaachisan

Tariitii sadarkaa kanatti qorannoo kana keessaa kan dubbachuun barbaachisu, bulchiinsa baankiiwwan Islaamaa yeroo dhibbeentaa raawwii hojjattootaa bocu/safaruuf deemu,

seerota amantii Islaamaa kan inni sirritti eeguu qabuudha. Seeronni kunis hojjattoonni safuulee amantii kana tikfatanii raawwii isaanii rog-qabeessa akka taasisaniifi. Akkasumas namoota hojii ceem'anii fi raawwiin isaanii xinnaa ta'e akka isaan bulchiinsa baankichaa irratti komii hin kaafne carraa itti cufuufi. Safuulee fi ulaagaalee kanneen keessaa ijoon: -

### Tokkoffaa: Waan Dhugaa Ta'e Kan Sammuun Fudhattu Ta'uu:

Hanga danda'ameen hojiin ulaagaalee raawwii hojii madaaluuf barbaachisan yeroo bocaman bifa dhugaa ta'een ta'uu qaba. Kana jechuun fedhii dhuunfaa nama raawwii hojii madaaluu irraa bilisa ta'uu fi jette jettee afaaniin qofa odeeffaman kan maddi odeeffannoolee isaanii sirritti hin beekamne irraa qulqulluu ta'uu qaba jecchuudha. Seerri ykn gatiin ulaagaaleen kun qaban qabxiilee armaan gadii kanaan mirkanaayuu ni danda'a:

#### 1- Ulaagaan Raawwii, Hojii Jiddu Galeessa Hojjatamu Tahuu Qaba:

Jiddu-galeessi raawwii hojii baankiiwwan Islaamaa kana keessaa hunduu jiddu-galeessummaan ibsamuu qaba. Kana

jechuun madaallii jiddu-galeessa raawwii gar-malee ol kaasanii wantoota namoonni dandeettii fi cimina qaban hojjachuu danda’anii ol ta’uu hin qabu. Akkas taanaan akka hojjataan dadhabinni isatti dhagayamu godha. Kun immoo hamilee inni hojiif qabu keessatti ajjeessa.

Gama biraatiin immoo jiddu-galeessi raawwii hojii kun baay’ee gadi bu’aas tahuu hin qabu. Akkas tahee argamnaan dandeettii fi cimina hojjattoonni qabanitti sirritti itti hin fayyadamne jechuu mul’isa. Kun immoo gatii oomishaa ol kaasa, hojjattoota birattis wanti isaan hojjatan sun akka gatii hin qabne itti fakkeessa.

Kanaafuu jiddu-galeessummaa oomishaa jechuun hojjattootaa fi hojjachiisaa jiddutti haqqummaa uumuun jarri lameenuu miidhamuu fi nama miidhuun alatti mirga isaanii akka fudhatan taasisuu jechuudha[48]. Rabbiin Qur’aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿ وَكَذَٰلِكَ جَعَلۡنَٰكُمۡ أُمَّةٗ وَسَطٗا لِّتَكُونُواْ شُهَدَآءَ عَلَى ٱلنَّاسِ وَيَكُونَ ٱلرَّسُولُ عَلَيۡكُمۡ شَهِيدٗاۗ ﴿١٤٣﴾ ﴾ البقرة: ١٤٣

*[Ummata jiddu-galeessa isin goone, akka isin nama irratti raga baataniif, ergamaan (Rasuulli) immoo isin irratti ragaa bayuuf],* Imaamu Ahmad, Abaa Sa’id Al-Kudrii irraa odeessuun, ergamaan Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* jiddu-galeessa jechuu [keeyyata armaan olii kana] wal-qixxummatti hiikan jedhee gabaase.

---

48 - Yuusuf Al-Qardaawii, “Al-Kasaa’isu Al-Aammaa fi Al-Islaam” Mana Kitaaba Wahbaa, Kaayiroo, Maxxansa Tokkoffaa, bara 1397H- 1977 A.L.A

Akkasumas jiddu-galeessi hojii kun waan mirkaneessuun isaa salphatu kan hojjattoonni hedduun itti gayuu danda'an tahuu qaba. Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ لَا يُكَلِّفُ ٱللَّهُ نَفۡسًا إِلَّا وُسۡعَهَاۚ ﴿٢٨٦﴾ ﴾ البقرة: ٢٨٦

*[Rabbiin lubbuu takka waan isiin dandeette malee isii hin baachisu],* ammas Rabbiin akkana jedhe**:**

﴿ ۞ لَا تُكَلَّفُ نَفۡسٌ إِلَّا وُسۡعَهَاۚ ﴿٢٣٣﴾ ﴾ البقرة: ٢٣٣

*[Lubbuun waan dandeettuu ol hin baachifamtu]*

Abu Hureeyraan, ergamaan Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jechuun nuuf odeesse:**إن الدين يسر**

"Diiniin (amantiin Islaamaa) salphaadha[49]", Sahaabaan Ibnu Mas'uud jedhaman ergamaan Rabbii*(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jechuun nuuf odeesse:**هلك المتنطعون**

"Warroonni waa jajjabeessan galaafataman", yeroo sadi irra deddeebi'uun akkas jedhan, hadiisicha Muslimtu odeesse. Hiikkaan isaas namoota waan hin jajjabeeffamne

Jajjabeessan jechuudha[50]. Hojii jiddu-galeessa jechuun, hojiii hojjattoonni hedduun osoo rakkinni isaan hin qunnamne

raawwachuu danda'an, kan haga wayii karaa sirrii irraa yoo dabanis nama hin adabmsiifne, hojii yoo namatti ulfaate irratti nama gargaaran jechuudha. Kana irratti ergamaan Rabbii

49 -Al-Imaamu Annawawiyyu: "Riyaadu Assaalihiin min Kalaami Saayyid Al-Mursaliin", M/kitaaba Shabaaba Azhar, Kaayiroo: 1980.

50 - Madduma kana.

*(Nagayaa fi tola ooliinsa Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan:

**ولا تكلفوهم ما يغلبهم، فإن كلفتموهم فأعينوهم**[51]

*{Waan isaanitti ulfaatu hin hojjachiisinaa, yoo hojjachiiftaniin irratti isaan gargaaraan}.*

### 2- Burqaalee Odeeffannoo Sirrii Ta'an Irratti Irkachuu:

Dhugummaan jiddu-galeessummaa hojii armaan olitti dubbanne kun, bulchiinsa baankiiwwan Islaamaa fi dhaabbilee biraa irraa yeroo dhibbeentaa ykn safartuu kana kaayan ykn daangessan maddeen odeeffannoo gadi bu'iinsaa fi haq-qabeessa ta'an irratti irkachuu dirqama isaan irratti godha. Maddeen odeeffannoo kun gara waa jajjabeessuutti akka hin dabne addaan baafachuun dirqama. Kanaafuu maddeen hedduu akka hooggantootaa, hiriyyootaa, biiroo baankii keessatti kutaa bulchiinsa humna namaa fi nama madaalliin raawwii irratti

gaggeeffamu fa'atti fayyadamuun dhugummaa safartuu/ ulaagaalee kanaa mirkaneeffachuu qabna.

### 3- Ulaagaaleen/Safartuuwwan Ifa Galaa Tahuu Qabu

Iftoominni addummaa walii gala amantiin Islaamaa qabu keessaa isa tokko. Iftoominni kunis gama waan bu'uura amantii, seerota, maddeen, burqaalee, kaayyolee, galmawwanii fi wantoota imaammataa fi tooftaalee isaa fi waa heddu keessatti argama[52]. Rabbiin guddaan akkana jedha:

---

[51] - Madduma gubbaa kana.

[52] -Yuusuf Al-Qardaawii, madda dabre.

﴿ قُلۡ هَٰذِهِۦ سَبِيلِيٓ أَدۡعُوٓاْ إِلَى ٱللَّهِۚ عَلَىٰ بَصِيرَةٍ أَنَا۠ وَمَنِ ٱتَّبَعَنِيۖ ﴾ يوسف: ١٠٨

*[ kun karaa kiyya. anii fi namni na hordofes beekumsa irratti haala ta'een gara rabbiitti waama*[53]*]*. Kanaafuu jiddu-galeessi dhibbeentaa raawwii hojjattoota baankiiwwan Islaamaas ifa gala fi hojjattoota baankichaa hundaafuu (hoogganamtootaa fi dura bu'oota hojjattootaa kallattiinii) kan qayyabatamu ta'uu qaba. Kunis kan godhamuuf wal-gowwoomsuu fi wal-dhabbii jalaa bayuuf, sadarkaa raawwii hojjattootaa fi amallan isaanii irratti rakkinna fida waan ta'eef, hariiroo jidduu bulchiinsaa fi hojjattootaa jirus laafiinsa jalaa baraaruufi.

## 4- Safartuu Jijjiirama Ofitti Fudhatu

Ulaagaalee amantiin Islaamaa safartuuwwan raawwii hojjattoota dhaabbilee Islaamaa keessatti argamuu qaban jedhe keessaa tokko, safartuuleen bocaman kunniin kan jijjiirama ofitti fudhattu, haala yeroo kana mala jijjiiramaa fi fooyya'iinsaatiin ibsamu waliin deemu, akka jijjiiramoota xixinnoo ni uumamu jedhamee eeggamu waliin deemutti, kan waan jijjiiramu bifa deddeebi'iinsa qabuun turtii gaggabaabduu keessatti jijjiiran ta'uu qaba.

Jijjiiramoonni kun hunduu seera gadi dhaabbataa irratti bu'uureffamuu qabu. Kunis bulchiinsa baankiiwwan Islaamaa irraa jijjiiramoota naannoo hojiin itti raawwatamu sanitti argaman kanneen raawwii irratti dhiibbaa geessuu danda'an irratti jijjiirama dhufu eeguu/hirreega keessa galchuu,

[53] - Abdulhaliim Mahmuud, "Al-Aarifu billaah Bashiir bin Al-Haaris", bara maxxansaatiin ala.

jijjiiramoota yeroo hojiin adeemsa irra jiru dhiibbaa geessu jedhamanis too’achuu fi jijjiirama humnaa fi dandeettii/cimina hojjattootaa irratti dhufus hirreega keessa galchuu isaan irraa barbaada.

Kana booda bulchiinsi baankiiwwanii jiddu-galeessa raawwii hojjattoota baankii irratti jijjiirama malu kan

Jijjiiramoota gubbatti tarreessine kana waliin deemu godhuu qaba[54]. Tariitii safuu Islaamawaa kana jijjiirama Qur’aanni itti

akeeke kan jiddu-galeessa raawwii loltootaa irratti argame irraa hubachuu ni dandeenna. Sunis sababa dandeettiin loluu ykn waraanuu loltootaa jijjiirameef jiddu-galeessummaan injifannoo isaaniis jijjiiramuu mul’isa. Kana irratti Qur’aanni kabajamaan akkana jedha:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ حَرِّضِ ٱلْمُؤْمِنِينَ عَلَى ٱلْقِتَالِ ۚ إِن يَكُن مِّنكُمْ عِشْرُونَ صَٰبِرُونَ يَغْلِبُوا۟ مِا۟ئَتَيْنِ ۚ
وَإِن يَكُن مِّنكُم مِّا۟ئَةٌ يَغْلِبُوٓا۟ أَلْفًا مِّنَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَّا يَفْقَهُونَ ﴿٦٥﴾ ٱلْـَٔـٰنَ
خَفَّفَ ٱللَّهُ عَنكُمْ وَعَلِمَ أَنَّ فِيكُمْ ضَعْفًا ۚ فَإِن يَكُن مِّنكُم مِّا۟ئَةٌ صَابِرَةٌ يَغْلِبُوا۟ مِا۟ئَتَيْنِ ۚ وَإِن يَكُن
مِّنكُمْ أَلْفٌ يَغْلِبُوٓا۟ أَلْفَيْنِ بِإِذْنِ ٱللَّهِ ۗ وَٱللَّهُ مَعَ ٱلصَّٰبِرِينَ ﴿٦٦﴾ ﴾ الأنفال: ٦٥ - ٦٦

*[Yaa Nabiyyii kiyya, Mu’imintoota* lola irratti kakaasi, isin *keessaa namni diigdamni oobsa qabu yoo jiraate nama diigdama (diina irraa) injifata, yoo isin nama dhibba taatan, warra Rabbiin dide irraa nama kuma ni injifattan, waan isaan waa hin hubanneef. Amma Rabbiin waan isin dadhabbii*

---

54 - Sa’ad Amiin Mansuur, “Al-Qiyamu walmafaahiim al-Islaamiyyaa wa asaruhaa alaa Kafaa’ati Al-Aamiliin”, qorannoo sadarkaa PHD argachuuf dhiyaate, Yunivarsitii Al-Azhar, 1991.

*qabdanii argeef isin irraa laaffisee jira, yoo isin keessa namni dhibbi kan oobsa qabu jiraate, (diina irraa) nama dhibba lama ni injifata, yoo isin keessa namni kumni jiraate immoo, fedhii*

*Rabbiitiin diina irraa nama kuma lama ni injifata, Rabbiin warroota oobsan waliin jira].*

Hiikkaa keeyyata kanaa irratti *Al-Qurxubiin* akkana jedha: "Rabbiin ol'aanaan dandeettiin waraanuu loltootaa dadhabaa argee jennaan isaaniif laaffise, jiddu-galeessa raawwii dirqama (waajiba) isaanii kan namni tokko loluu qabu loltuun Muslimaa tokko kophaa isaa nama tokkoo hanga lamaa akka loluun ajaje. Kanaan dura jiddu-galli raawwii dirqama loltuu Muslimaa tokko adda isaa isaan jalaa osoo hin dheessine diina tokkoo hanga kudhanii loluu qaba ture, yoo dheesse dallansuu Rabbiittu isatti bu'a"[55].

**Lammaffaa: Jiddu-Galeessa Raawwii kana Murteessuuf Marii fi Hirmaannaa Barbaachisa:**

Seerota amantiin Islaamaa lafa kaaye kan bulchiinsi baankii yeroo safartuu raawwii hojjattootaa kana bocan itti dhimmamuu qabu keessaa tokko hojjattoota hirmaachisuu fi mari'achiisuudha. Sababni isaas madaalliin raawwii hojjattootaa kun nama dhuunfaa tokko irratti murtii kennuudha mirgaa fi dirqamoota hojjattootaa irratti, akkasumas egaree isaanii irratti dhiibbaa qaba. Inumayyuu safartuu/ulaagaalee kana bocuu keessatti namni madaallii raawwii nama madaalamuu kana waliin hidhata qabu hundi mari'achiifamuu fi hirmaatuun dirqama ta'a.

[55]- Al-Qurxubii, madda dabre.

Haa ta'u garuu sadarkaan marii fi hirmaannaa kuni gadi bu'iinsa irratti addaani. Fakkeenyaaf yaada hooggantoota kallattiin nama madaalliin irratti gaggeeffamuu hedu san hoogganаnii, hiriyyootaa fi yaada hoogganamtoota nama sanii beekuun barbaachisaadha[56]. Kana irratti Rabbiin Qur'aana isaa kabajamaa keessatti akkana jedha:

﴿ وَأَمۡرُهُمۡ شُورَىٰ بَيۡنَهُمۡ ﴿٣٨﴾ ﴾ الشورى: ٣٨

*[Murtiin isaanii waliin mariini) Al-shura 38).*

Sababni yeroo jiddu-galeessa raawwii madaallu hojjattootaa fi namoota biraa mari'achiisuun barbaachisaa ta'ee isaan mari'achiisuun kun onnee hoogganamtoota kanaa ofitti hawwatuu uuma. Kana irratti Ibnu Teeymiyyaan akkana jedhan: "Namni nama hoogganu tokko nama mari'achiisuu irraa durummaa hin qabu", Abu Hureeyraa (Rabbi isa irraa haa jaalatu) irraa odeeffame, innis akkana jedhe: "Nu keessaa namni kamiyyuu haga ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* waahillan isaanii mari'achiisan kan mari'achiisu hin jiru. Rabbiin Nabiyyii isaa akka isaan onnee waahillan isaanii ofitti harkifatanii fi akka namoonni boodarra dhufan isaan akkeeffataniif ajaje jedhama, akkasumas dhimmoota lolaa fi dhimmoota biro kan wahyiin Rabbiin biraa dhufan irrattis yaada isaanii baasisiisuuf ajaje. Kan ergamaa

Rabbiitiin *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* ala jiru isatu mari'achiisutti irra hajamaadha"[57].

---

[56] -Ali Assullamii, "Taqwiim al-adaa wa al-jazaa wa takxiix attaxawwur Al-waziifii", Kaayiroo, kutaa 4ffaa, 1410H-1981 A.L.A.

[57] - Ibnu Teeymiyyah, "Assiyaasa Ashar'iyyah fi Islaahi Arraa'ii wa Arra'iyyah" maxxansa Assalafiyyaa, Kaayiroo, 1387H.

### C) Sadarkaa Qulqullina Hojii Raawwatamuu

Bulchiinsi baankiiwwan Islaamaa yeroo raawwii nama tokkoo madaalan, sadarkaa qulqullina hojii isaas hirreega keessa galchuun dirqama ta'a. Baay'ina hojii raawwatamee qofa irratti xiyyeeffachuun gahaa miti. Amantiin Islaamaa sadarkaa qulqullina waan oomishamee baay'ina waan oomishamee dura dubbate. Rabbiin ol aanaan akkana jedha:

﴿ قُل لَّا يَسْتَوِى ٱلْخَبِيثُ وَٱلطَّيِّبُ وَلَوْ أَعْجَبَكَ كَثْرَةُ ٱلْخَبِيثِ ۚ فَٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ يَـٰٓأُو۟لِى ٱلْأَلْبَـٰبِ لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ ﴿١٠٠﴾ ﴾ المائدة: ١٠٠

*[Jedhiin (yaa Muhammad) badaa/fokkisaa fi gaariin wal hin qixxaayu osoo baay'inni waan fokkisaa sunis kan si dinqisiisus tahee, yaa warra xiinxala qabdan hoo! Akka ofkoltaniif jecha Rabbii keessan sodaadhaa].*

Namoonni gariin[58] dalagaa gaarii jechuun kan akkaataan raawwii isaa gatii baay'ina isaa caalu kennu jechuudha jedhu. Akkuma qorattoota gariif mul'atetti[59], tariitii sadarkaan

qulqullina hojii baay'ina ykn guddina hojii dabaluu fi akkaataa raawwii isaa dursee dhufa.

Seeronni Islaamaa kan hojjattoonni baankiiwwan Islaamaa keessa hojjatan ittiin bitamuu qaban kanneen qulqullina hojiitti nama yaaman heedutu jiru. Fakkeenyaaf ergamaan Rabbii

---

58 - Muhammad Abdallaah Darraaz, "Dustuuru Al-Aklaaq fi Al-Qur'aan", gulaalaan: Abdussabuur Shaahiin, Kuweet, maxxansa: Daaru albuhuus al'ilmiyyah, 1400H- 1980 A.L.A.

59 - Sa'iid Amiin Mansuur, madda dabre.

*(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jechuun qulqullina hojiitti nama yaaman:

**إن الله يحب إذا عمل أحدكم عملاً أن يتقنه/**

*{Rabbiin tokkoon keessan yoo hojii hojjate akka qulqullinaan hojjatu jaalata}.* Kana jechuun dalagama kamiyyuu haa ta'u ka aakiraas ta'ee kan duniyaas hammata. Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَأَحۡسِنُوٓاْۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١٩٥ ﴾ البقرة: ١٩٥

*[Tolchaa ykn bareechaa, Rabbiin tolchitoota/tola ooltota jaalata], Al-Qurxubiin* tola keeyyata kana keessa jiru: "dalagaa tolchuu jechuudha, kana jechuun dalagaa keessan bareechaa hojjadhaa, namni dalagaa isaa bareechee qulqullinaan hojjate, sadarkaa tola ooltotaatti gaya jechuudha" jedhee hiike. Kunis akkuma ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* jedhan***:***

***إنما الاعمال بخواتمها كالوعاء إذا طاب أعلاه طاب أسفله وإذا خبث أعلاه خبث أسفله***

*{Dalagaaleen dhuma isiittu laalama, akkuma meeshaa bishaaniiti, yoo gubbaan isaa tole jalli isaas tola, yoo gubbaan isaa bade/shame jalli isaas ni shama}* kanaafuu biirooleen hojii fuulleffannaa isaanii dhuma hojii irra godhuu qabu.

## Boqonnaa Lammaffaa:

## Dirree Hojii Baankiiwwan Islaamaa Keessatti Seerota Islaamaa kanneen Amallan Hojjattootaa fi Hariiroowwan Jidduu Isaanii Jiraachuu Qabaniin Wal-Qabate

Baankiiwwan Islaamaa keessatti namoonni madaallii raawwii gaggeessan seerota Islaamaa kanneen hoogganamtoonni akka hooggantoota isaanii waliin amala Islaamummaa akka qabaatan ajajaniif gurra ergisuu qaba. Akkasumas seerota hojjattoonni gariin isaanii gariif amala Islaamummaan itti nama yaamuun waliin jiraachuu qaban jedhuufis bakkee kennuu qaban. Armaan gaditti seerota kanneen keessaa isaan ijoo irratti marii taassifna: -

**Tokkoffaa: Amala Hoogganamaan Hoogganaa Isaatiif Qabaachuu Qabu:**

Hojiin madaallii raawwii kun amala hojjattoonni iddoo hojiitti hoogganaa isaaniitiif qabaachuu qabanii fi amala kana irratti hagam takka amala amantii Islaamaa waliin deemu akka

qabanis of keessaa qabaachuun dirqama. Sababni isaa waan seeronni kunniin raawwii irratti dhiibbaa fiduufi. Sunis gama hoogganamtoonni waan Rabbiin wal-nama hin dhabsiifne keessatti hagam takka hooggaanaa isaanii tole jedhu, osoo innuu gaafatuu baatee hoogganaa isaaniitiif gorsaa fi waliin marii hagam takka kennuuf ka jedhuuni.

Gama hooggantoonni hoogganaa isaanii tole jechuu qaban jedhuun, keeyyatoonni Qur'aanaa kanneen tole jechuu kanatti akeekan ni jiru. Rabbiin ol'aanaan akkana jechuun Mu'imintoota ajaje:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَطِيعُواْ ٱللَّهَ وَأَطِيعُواْ ٱلرَّسُولَ وَأُوْلِي ٱلۡأَمۡرِ مِنكُمۡ ۝٥٩ ﴾ النساء: ٥٩

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan hoo!Rabbii fi ergamaa isaa tole jedhaa, namoota dhimma keessan mooyanis tole jedhaa].*Al-Qurxubiin warra dhimma keessan irratti ol-ta'e jechuun afaan ammayyaatiin hooggantoota jechuudha jedhe[60]. Garuu tole jechuun kun waan Rabbiin hin dallansiifne, waan isa hojjachuun diddaa Rabbii keessa nama hin galchine tahuu qaba. Kana irratti ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan***:***

***لا طاعة لأحد في معصية الله***

***"nama kamiyyuu diddaa Rabbii keessatti tole jechuun hin jiru[61]".***

Kana irraa wanti qayyabatamu hoogganaa hojii tokko tole jechuun Rabbii fi ergamaa isaa tole jechuudha, hoogganaaf ajajamuu diduun immoo Rabbii fi ergamaa isaatii ajajamuu diduudha. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan***:***

***من أطاعني فقد أطاع الله ومن عصاني فقد عصى الله، ومن يطع الامير فقد أطاعني ومن يعصي الأمير فقد عصاني***

*"Namni ana tole jedhe, Rabbiin tole jedhe, namni anaaf ajajamuu dide Rabbiif ajajamuu dide, namni hoogganaa (Amiira) tole jedhe ana tole jedhe, namni isaaf ajajamuu dide anaaf ajajamuu dide"[62]*. Bukaarii fi Muslimtu irratti walii galan.

---

60 - Al-Qurxubiyyi, madda dabre.

61 - Al-Imaamu Assuyuuxii, Jaami'u Al-Ahaadiis, maxxansa addaa, bara maxxansaatiin ala.

62 -Al-Imaamu Annawawiyyu, madda dabre.

Ammas dirqamoota hojjattoota dhaabbilee Islaamaa keessaa tokko, dhiyeenna irraa rakkinoota hojii qunnaman waan beekaniif, rakkina kanaaf furmaata irra caalu jedhanii waan itti amanan irratti, waan hojii san fooyyessu, bareechuu fi gabbisu irratti hoogganaa isaaniitii marii fi gorsa kennuufii qaban, osoo innis gaafachuu baatee. Kuni immoo faallaa waan dhaabbilee durii keessatti argamaa jiruu ykn argamuu heduuti. Dhaabbilee

durii kana keessatti marii fi gorsi hoogganamaa irraa dhufu, hoogganaa hooggantummaan isaa amala dimokiraasummaa fi nama hirmaachisutti amanu irraa raggaasisa argachuu qaba.

Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan***:***

***الدين النصيحة، قلنا لمن؟ قال لله، ولكتابه، ولرسوله، ولأئمة المسلمين وعامتهم***

***"****Diiniin tola ooliinsa jedhan, eennuufi jennaan, Rabbiif, kitaaba isaatiif, ergamaa isaatiif, hooggantoota Muslimaatii fi cufuma nama isaaniitiif jedhan"*[63]. Hiikkaa Hadiisa kanaa keessatti: gorsa waliif godhuun dirqama namni tokko yoo ittiin dhaabbate itti mindeeffamee nama hafe irraa kufuudha. Kanaafuu inni akkuma dandeettii namaatiin nama irratti dirqama ta'a. Namni tokko gorsi isaa fudhatama ni qabaata, ajajni isaa ni dhagayama beekee hamtuun nama hin qunnamtuu yoo amane gorsa namaaf dhiyeessuun isa irratti dirqama. Yoo miidhatu narra gayaa sodaate dirqama hin qabu, Rabbitu beeka.

Hadiisa keessa nama dhimma Muslimootaa mooye (hoogganaa) garii malee gariif gorsa addatti hin kenninaa kan jedhu waan hin jirreef, kanaafuu hooggantummaan hadiisa

[63] - Sa'ad Amiir Mansuur, madda dabre.

keessatti dubbatame sun cufuma nama muummee dhaabbata wayii hoogganuu, yookii dhaabbatuma guutuu hoogganuu,

yookii garee hawaasa Islaamaa tokko hoogganuu of keessatti hammata[64].

Akkasumas seerota naamusootaa kan amantiin Islaamaa irratti fuulleffatu keessaa inni biraa, hojii keessatti waa sobuu/fakkeessuu haraama godhuun miidhaa fi hubaatii guddaa waan qaqqabsiisuuf akka cubbuu gurguddootti fudhachuudha. Kunis kan ta'eef seensa munaafiqummaa keessaa tokko kijiba, waadaa diiguu, nama ganuu fi yeroo namaan wal-morman namatti daangaa dabruu fa'a. Amaloota fafee kana keessaa tokkichummaan dhaabbaticha keessa faffacaanaan kufiinsa isaa mul'isa.

Kana irratti Abbaan Hureeyraa (Rabbi isa irraa haa jaalatu) ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan jedhe***: "****Mallattooleen munaafiqaa waa sadihi: yeroo hasayu kijibuu, yeroo waadaa seenu diiguu, yeroo namni isa amane amaanaa san waakkachuu****"*** Bukaarii fi Muslim irratti walii galan, riwaayaa Muslim odeesse keessatti kan itti dabalame *"osoo haguma fedhe salaatee, soomee, Muslima ofiin jedhee himatellee"*[65].

Yaaddan gubbatti ibsaman irraa wanti hubatamu, naamusoota amalaa keessaa hojjataa Muslimaa kan dhaabbilee Islaamaa keessa dalagu tokko amala inni ittiin hoogganaa isaa

[64] -Al-Imaamu Annawawiyyu, "Al-Arba'iin Annawawiyyah", maxxansa Shabaaba Al-Azhar, Kaayiroo, 1981.

[65] - Al-imaamu Annawawiyyu, Riyaadu Assaalihiin, madda dabre.

kabajuu qabu, haala diddaa Rabbii keessatti hin ta'iniin hoogganaa tole jedhuun dirqama ta'uu, rakkinootaaf furmaata dhiyeessuuf jecha isa gorsuu fi mari'achiisuun barbaachisaa ta'uu, amaloota fafee akka kijibaa, munaafiqummaa fi gantummaa irraa fagaachuun waajiba ta'uu argina. Amaloonni kun hunduu naamusoota bu'uuraa kan baankiiwwan keessatti seerri madaallii raawwii hojjattootaa of keessatti hammatuu qabuudha.

**Lammaffaa: Seerota Islaamaa Kanneen Hariiroowwan Hojjattoota Baankiiwwan Islaamaatiin Wal-Qabatan:**

Hojjattoota dhaabbilee Islaamaa (Baankiiwwan Islaamaa) keessa hojjataniif, seeronni Islaamaa kan hariiroo fi naamusa walitti dhufeenya hojjattootaatiin wal-qabates ni jira. Seeronni kunis sadarkaa raawwii irratti dhiibbaa waan qabaniif akka hojjattoonni kunniin isa kabajan dirqama godha, achumaanuu seerri kun madaallii raawwii keessa galuu qaba. Seeronni kun gosa hedduu fi lakkoofsaan baay'ee ta'us, nuti ammaaf kan irra barbaachisaa ta'e irratti fuulleffanna. San keessaa seera gareelee hojii jiddutti wal-gargaaruu, miiraa fi waliif quuqama wal-jijjiiruu fi waliin ta'uun akka garee tokkootti waliin dalaguu irratti xiyyeeffanna.

Hojii fiixa baasuuf garee tokkoon tokkoo namoota dhuunfaa garee keessa jiranii wal-gargaaruun kaayyoo fi ergaa dhaabbilee Islaamaa galmaan gayuu ilaalchisee, amantiin Islaamaa

barbaachisummaa wal-gargaaruu sirritti mirkaneessuun jireenya namaatiif wantoota sirritti barbaachisan waan ta'eef akka dirqamoota jireenyaatti fudhata. Rabbiin guddaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿ وَتَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡبِرِّ وَٱلتَّقۡوَىٰۖ وَلَا تَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡعُدۡوَٰنِۚ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۖ إِنَّ ٱللَّهَ شَدِيدُ ٱلۡعِقَابِ ٢ ﴾ المائدة: ٢

*[Waan gaggaarii fi sodaa Rabbii irratti wal-gargaaraa, badii fi diinummaa irratti wal-hin gargaarinaa, Rabbiin sodaadhaa, Rabbiin adabbiin isaa jajjaba].*

Gatiin wal-gargaarsi qabu cufuma miseensota garee keessatti fedhii dhugaa ta'e keessatti uumuun, jaalala Rabbii barbaada, isa diddaa sodaa fi gargaarsa isa irra barbaaduuf jecha waliin ta'anii hojjachuu nama keessatti uuma. Kana irratti ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan:

**الله في عون العبد ما كان العبد في عون أخيه.**

*{Rabbiin gabricha isaa ni gargaara, haala inni obboleessa isaa gargaareen}.* Akkasumas wal-gargaaruun kun hojii irratti hanqina qabaachuu hunda hir'isa, mirgoota nama hojjataniis miidhuu dhabamsiisuun amalli fi akkaataan sosochii miseensota gareedhaan nagaya qabeessa akka ta'u wabii fudhata. Kana

irratti ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan jechuun odeeffame:

**انصر أخاك ظالماً أو مظلوماً، قيل يا رسول الله هذا نصرته مظلوماً، فكيف أنصره إذا كان ظالماً؟، قال تحجزه وتمنعه من الظلم فذاك نصره[66].**

*{Obboleessa kee kan nama miidhee fi kan miidhames tumsa godhiif jedhan, yaa ergamaa Rabbii kana waan miidhameef yoo isaaf tumse, isaa nama miidhe hoo akkamitti tumsaaf jedhee*

---

[66] - Ibnu Kasiir: "Tafsiir Al-Qur'aan Al-Aziim", maxxansa Atturaas Al-Islaamii, Halab, 1400H-1980 A.L.A

*gaafate, isaanis akkana jedhaniin: "isa hiitee nama miidhuu irraa isa dhoorgita, santu isaaf tumsuudha" jedhaniin}.*

Kana hunda caalaayyuu, wal-gargaaruun miira ykn naamusa tole walii jechuu hoogganamtoota keessatti guddisa, hojjattoota buleeyyii fi warroota gahumsa addaa qabanis akka hiriyyoota isaanii haaraya kanneen haga dabre muxannoo gahaa hin horatin gargaaran kakaasa. Kun immoo gatii naannawiinsa hojii hir'isa, sadarkaa oomishaa irratti dhiibbaa gaarii waan fiduuf hojjattoota jiddutti qilleensa tasgabbii uuma.

Gama miira gaarii jidduu miseensota gareetti wal-jijjiiruutiin immoo, ragaaleen miira wal-jaalalaa, waliif tola ooluu fi waliif mararfannatti nama ajajan heddutu jira. San keessaa jecha ergamaa Rabbiiti *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan:

**مثل المؤمنين في توادهم وتراحمهم كمثل الجسد الواحد إذا اشتكى منه عضو تداعى له سائر الجسد بالسهر والحمى**[67]

*{Wal-jaalalaa fi waliif mararfannaa irratti fakkeenyi Muslimootaa, akka fakkeenya qaama tokkooti (qaamni tokko) yoo isa keessaa kutaan tokko dhukkubsate qaamni guutuun bowwoo fi hirriba dhabuun bula}.* Ergaan hadiisa kanaas barbaachisummaa miira gaarii jidduu miseensota gareetti wal-jijjiiruu mul'isa, namni dhuunfaa tokko kan nama biraa jaalatuuf akka jaalatamuufi, kan nama biraatii mararfatuuf akka isaaf mararfataniifi, kan nama biratti tola ooluuf akka isatti tola oolaniifi.

Kanaafuu amalli fi miirri akkanaa kun jiraachuun, shakkii tokko malee gareelee hojii gara rakkinoota hojiin ala jiraniis

---

[67] - Al-Imaamu Assuyuuxii, madda dabre.

waliin furuutti isaan dhiiba, nagayaa fi tasgabbii firoottan isaanii kan eegareetiif fedhii isaanii guutuuf wabii argachuuf jecha akka waliin hojjatan dirqa. Akkasumas miirri akkanaa jiraachuun wal-dorgommii baay’ee cimaa ta’e kan wal-kuffisuu irratti fuulleffate san dhabamsiisuun hojjattoota jiddutti bu’aa jiru waliif dabarsuu uuma.

Gama afuura garee cimsuu fi akka garee (team) tokkootti dalaguu ilaalchisee immoo, hojjataan Muslimaa amala kana horatuu qaba. Kanaafuu amalli afuura garee kun yeroo madaalliin raawwii gaggeeffamu hirreega keessa galfama.

Amantiin Islaamaa garee tokko jiddutti wal-dhabbii haraama godhee jira. Kana irratti Rabbiin ol’aanaan akkana jedha:

﴿ وَأَطِيعُواْ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ وَلَا تَنَٰزَعُواْ فَتَفۡشَلُواْ وَتَذۡهَبَ رِيحُكُمۡۖ وَٱصۡبِرُوٓاْۚ إِنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلصَّٰبِرِينَ ٤٦ ﴾ الأنفال: ٤٦

*[Rabbii fi ergamaa isaa tole jedhaa, wal hin dhabinaa ciminni keessan ni kufaa, obsaa Rabbiin warroota obsan waliin jiraa].*

Kana jechuun tokkummaa fi ciminni keessan ni dadhaba jechuudha. Hojjattoota jiddutti waldhabiinsi uumamuun gareen hojii kaayyoo isaa galmaan gayuu keessatti akka fashalaayu, dirree lolaa fi nagayaa keessattis akka tokkummaan isaa kuftu godha[68].

Amantiin Islaamaa yeroo gareen hojjachuun dirqama ta’utti nama yaamu, mindaan jidduu namootaa araarsuu mindaa

---

[68] - Sa’iid Amiin Mansuur, Madda dabre.

soomaa, salaataa, sadaqaa fi dalagaalee dirqama ta'an kan biraas akka caalu ibsa. Kana irratti Rabbiin ol'aanaan akkana jedha:

﴿ فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ وَأَصۡلِحُواْ ذَاتَ بَيۡنِكُمۡۖ ﴿١﴾ ﴾ الأنفال: ١

*[Rabbii keessan sodaadhaa jidduu keessanitti araara buusaa].* Ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* sahaabaa Abu Ayyuub *jedhamuun* akkana jedhan:

**ألا أدلك على صدقة يحبها الله ورسوله؟ تصلح بين الناس إذا تفاسدوا وتقرب بينهم إذا تباعدوا**

*{Sadaqaa/kennaa Rabbii fi ergamaan isaa jaalatanitti si qajeelchuu? Yeroo namni wal-dhabe walitti araarsi, yeroo namni addaan fagaate walitti dhiyeessi}.* Ammas Hadiisa biraa kan Abu Addardaa'iin irraa odeeffame keessatti, ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedhan:

**ألا أخبركم بأفضل من درجة الصيام والصلاة والصدقة؟ قالوا بلى يا رسول الله قال: إصلاح ذات البين، قال: وفساد ذات البين هو الحالقة**

{Dalagaa sadarkaan isii sooma, salaataa fi sadaqaa ykn waa kennata caaltu isiniif himuu? Jennaan eyyeen nuuf himaa yaa ergamaa Rabbii jedhaniin. Isaanis akkana jedhaniin: "Jidduu namaatti araara buusuudha, jidduu namaa balleessuun nama addaan kutuudha"}[69]. Al-Qurxubiin akkana jedhe: "Jidduu namaatti araara buusuun dhiiga, qabeeenya fi dhageettii namaa irratti waldhabiinsa jidduu Muslimaatti uumamu hunda qabata". Kanuma irraa ka'uun wal-dhabiinsa bulchiinsaa fi hojjataa, hoogganaa fi hooggganamaa, ykn hiriyyoota jiddutti dhaabbata tokkotti ykn muummee hojii keessatti uumamu hunda qixxisa[70].

---

69 - Ibnu Kasiir, madda dabre.
70 - Sa'ad Amiin Mansuur, madda dabre.

# Boqonnaa Sadaffaa

## Seerota Islaamaa Kanneen Naamusaa fi Amaloota Namoota Madaallii Raawwii Hojjattoota Baankiiwwan Islaamaa Irratti Gaggeessan Daangessan

Seerota naamusaa fi amala nama madaallii raawwii hojjattoota baankiiwwan Islaamaa hojjatan irratti gaggeessuu dubbachutti osoo hin seenne, seeronni kunniin dhimmoota yaada xiinxalli bulchiinsa ammayyaa irratti walii gale kan madaallii ykn gosaa fi amala hojiiwwan hojjattoonni raawwatanii irratti muxannoo fi hubannoon jiraachuun dirqama ta'a jedhu san hin faallessu. Inumayyuu seeronni Islaamaa kunniin muxannoo fi hubannoo sanitti nama geessa, isas deeggara. Armaan gaditti seerota kanniin keessaa isa ijoo akka armaan gadiitti dhiyeessina:

### 1) Namni Madaallii Raawwii Gaggeessu Nama Haqqummaa Eegu Ta'uu Qaba

Namni madaallii raawwii hojjattootaa dhaabbilee Islaamaa (Baankiiwwan Islaamaas san keessaa tokko) madaalu, madaallii isaa san irratti nama dhugaa ykn wal-qixxummaa hojjatu ta'uu qaba. Wal-qixxummaa jechuun akka hiika afaaniitti, waan hundaa keessatti jiddu-galeessa ta'uudha, faallaan isaa bira kutuudha. Akka hiikkaa irratti walii galameetti immoo *Abuu Haamid Bin Hazmi* akkanatti hiika: "wal-qixxummaaf bitamuudha jedha, wal-qixxummaan waan dirqama ta'e

raawwachuu, waan irraa dhoorgaman irraa fagaachuu fi waan odeeffamuu fi namatti himame sirritti addaan baafachuu"[71].

Hayyuun Ibnu Al-Mubaarak jedhamu waa'ee wal-qixxummaa irraa gaafatamnaan: "Nama waa Shan of keessaa qabu: Salaata Jama'aa kan dhufu, dhugaatii macheessaa kan hin dhugne, amantii isaa keessaatti kan qaawwa (eeybii) hin qabne, kan hin kijibnee fi kan sammun isaa rakkinna hin qabne" jechuun deebise[72].

Madaala Islaamummaa keessatti bu'uurri wal-qixxummaa waa afur irratti: Islaama ta'uu, umriin gayuu (15 fi isaa ol ta'uu), sammuu qabaachuu, sababoota faasiqa nama godhan irraa nagaya ta'uu (innis cubbuulee gurguddoo raawwachuu ykn cubbuuwwan xixiqqoo irraa toowbachuu diduun ifa baasanii dalaguu) fi wanta namummaa namaa hanqisan irraa nagaya ta'uudha. Inni dhumaa kun naamusoota lubbuu kan nama isa qabu karaa fi naamusa shari'aa akka hordofu godhuu fi salafoota akkeeffachutti kan kakaasuudha.

Wantoonni wal-qixxummaa kana hir'isanii qaawwa itti uuman immoo, qabxiilee armaan gadii kana keessaa tokko yookiin isaa ol yoo argameedha. Isaanis: kijiba, kijibaan

himatamuu, faasiqummaa, waan haaraya (faantuu) amantii keessa hin jirre fiduu fi wallaalaa ta'uudha[73].

Amantiin Islaamaa bu'uurota isaa keessaa ijoon wal-qixxummaadha. Kanaafuu hadiisa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi*

---

71 - Faaruuq Hamaadaa: "Al-Manhaju Al-Islaamii fi Al-jarhi watta'adiil", maxxansaa fi raabsaan Daaru Al-Ma'arifaa, Ribaax, 1989.
72 - Madduma kana.
73 - Madduma kana.

*tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* irraa odeeffamu keessatti oduun nama kaafiraa (mit-Muslimaa) hin fudhatamtu. Haguma fedhe osoo namni sun hin kijibu jedhameellee irraa hin fuudhamu. Maaliif jennaan amantii isaattu oduu kana dabsutti isa yaama, dhugaa dabbatuu hin oolu carraan jedhu cimaa miti.

Dirree bulchiinsaa keessatti wal-qixxummaa akka walii galaatti, dhimma madaallii raawwii keessatti akka addaatti waa miidhuu irraa fagaachuu barbaada. Ibnu Teeymiyyaan akkana jedhan: "Duniyaa tun kan gadi dhaabbattuun wal-qixxummaani". Kanaaf akkana jedhame: 'Rabbiin biyya wal-qixxummaa eegdu osoo ta Kaafiraas taatee gadi dhaaba, biyya nama miitu takka osoo ta Muslimootaas taatee gadi hin dhaabu'. Ammas akkana jedhame "jiruun tun wal-qixxummaa fi kufriin gadi dhaabbatti, nama miidhuu fi Islaamummaan gadi hin dhaabbattu'.

Kun hundi wanti jedhameef, wal-qixxummaan kun seera waan hundaa waan ta'eefi. Dhimmi jiruu duniyaa kun yoo wal-qixxummaa irratti gadi dhaabbate, jiruun isaas gadi dhaabbatti osoo namni sun aakiratti waan gaariis qabaachuu baatee, yoo

jiruun duniyaa isaa wal-qixxummaa irratti hin bu'uureffamin immoo jiruun isaa gadi hin dhaabattu osoo waan aakiratti ittiin mindeeffamus qabaatee[74].

Wal-qixxummaan kun namoota madaallii raawwii gaggeessan kanaa haqa isaanii osoo irraa hin hanqisne guututti kennuufii gaafata. Haqxi isaanii sun haqa mallaqaa kan bifa cimina nama tokkootiif dabalata namaa kaffaluu fi qabxii

[74] - Ibnu Teeymiyyaa: "Assiyaasaa Ashar'iyyah fi Islaahi Arraa'ii wa Arra'iyyah", Maxxansa Assalafiyyaa, Kaayiroo, 1387 H.

madaallii raawwii argame irratti hundaa’uun nama galateeffatuu fi sadarkaa raawwii isaanii faarsuun hamilee namaa eeguu fa’a qabata.

Akkasumas hoogganaan/raawwataan madaallii raawwii kun ifaajee hojjattootaa fi bu’aalee isaan argamsiisan ofitti irkisuu dhabuu, ykn kaffaltii cimina nama tokkootiif akka dabalataatti isaaf kaffalame gara caalu ofii jalaa fudhatuu dhabuu fi dogongorootaa fi hanqinoota isaa hojjattoota irratti baachisuu dhabuu fa’a. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ ۞ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ كُونُوا۟ قَوَّٰمِينَ بِٱلْقِسْطِ شُهَدَآءَ لِلَّهِ وَلَوْ عَلَىٰٓ أَنفُسِكُمْ ﴿١٣٥﴾ ﴾ النساء: ١٣٥

*[Yaa warra (rabbitti) amantan, haqaan Rabbiif ragaa baatota ta’aa, osoo lubbuu keessan irrattis ta’ee].*

## 2) Namni Madaallii Raawwii Gaggeessu Nama Dhugaa Qabatama Qabu Irratti Hundaa’e Ta’uu

Namni madaallii raawwii gaggeessu akka ga’uumsa namni tokko hojii irratti qabu irraa ka’uun raawwii hojjattootaa addaan baasuu fi murtii irratti kennuuf ulaagaalee ifa gala ta’anii fi kan fudhatama qaban bu’uura godhatuu qaba. Akkasumas taateewwan dhuunfaa kan gaggaarii ta’an kan akka: garaa wal-laaffisachuu fi firummaa, ykn taateewwan hanqina fidan kan akka: hojjataa jibbuu irraa bilisa ta’uu qaba. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَلَا يَجْرِمَنَّكُمْ شَنَـَٔانُ قَوْمٍ أَن صَدُّوكُمْ عَنِ ٱلْمَسْجِدِ ٱلْحَرَامِ أَن تَعْتَدُوا۟ ۘ وَتَعَاوَنُوا۟ عَلَى ٱلْبِرِّ
وَٱلتَّقْوَىٰ ۖ وَلَا تَعَاوَنُوا۟ عَلَى ٱلْإِثْمِ وَٱلْعُدْوَٰنِ ۚ وَٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ ۖ إِنَّ ٱللَّهَ شَدِيدُ ٱلْعِقَابِ ﴿٢﴾ ﴾ المائدة: ٢

*[Jibbaan isin tuutaaf qabdan wal-qixxeessuu irraa isin hin dabsin, wal-qixxeessaa isatu soda Rabbiitti irra dhiyaataa, Rabbiin sodaadhaa, Rabbiin waan isin dalagdan ni beekaa].*

### 3) Dhimma Adabbii fi Mindeeffamuu Irratti Namni Madaallii Gaggeessu Seerota Islaamaatiin Masakamuu Qaba

Amantiin Islaamaa mindeessuu irratti fuulleffachutti nama kakaasa, haa ta'uu garuu booda irra adabbiinis ni jiraata (nama waa balleesseef). Adabamuun dhiibbaa sammuu, diinagdee fi hawaasummaa qaba. Dhiibbaa kana keessaa garii isaa *Ibnu Kalduun* akkanatti ibsa: "Namni guddisaan isaa gama

barsiisotaatiin ykn gama mootummootaatiin kan xiqqeessu fi doorsisu ta'e, xiqqeeffamani isa irratti ol ta'a, bal'inni sammuun qabdu isatti dhiphata, si'aa'inni isiin qabdu ni dhabama, gara waa ceem'uutti isa oofa, waan keessa isaa hin dalagne fakkeessuun kijibaa fi waan fofokkutti isa oofa. Dharaa fi gantummaa baay'isa, sunis xiqqeeffama sodaachuu irraa kan ka'eedha. Kuni amalaa fi aadeffata isatti ta'e, hiikkaan namummaa isaa gama hawaasummaa fi magaalummaatiinis akkanatti bade, namoota biraa irratti ba'aa ta'ee hafa. Inumaa lubbuun isaa wantoota gaggaarii fi naamusa bareeda horachuu ceem'uun galmi isaa bade gara sadarkaa warra gadi aanuu keessaa gadi aanaatti deebi'e"[75].

[75] - Ibnu Kalduun, "Muqaddimatu Ibni Kalduun", maxxansa mana kitaaba guddicha biyya Masrii, Kaayiroo, bara maxxansaatiin ala.

## 4) Hojjataa Ga'umsi Isaa Dadhabaa Ta'e Xiqqeessuu fi Tuffachuu Dhabuu

Namni madaallii raawwii gaggeessu hojjataa tuffachuu fi xiqqeessuu irraa fagaachuu qaba. Hanqinni inni qabu dadhabina ciminaa ta'ee, ykn hanqina muxannoo ta'ee ykn hanqina ga'umsaas haa ta'u isa xiqqeessuun hin ta'u. kuni nama miidhuu waan ta'eef, nama hamachutu keessa jira waan ta'eef haraama (dhoorgamaa) dha. Kana irratti Rabbiin ol'aanaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ لَا يَسْخَرْ قَوْمٌ مِّن قَوْمٍ عَسَىٰٓ أَن يَكُونُوا۟ خَيْرًا مِّنْهُمْ وَلَا نِسَآءٌ مِّن نِّسَآءٍ عَسَىٰٓ أَن يَكُنَّ خَيْرًا مِّنْهُنَّ ۖ وَلَا تَلْمِزُوٓا۟ أَنفُسَكُمْ وَلَا تَنَابَزُوا۟ بِٱلْأَلْقَـٰبِ ۖ بِئْسَ ٱلِٱسْمُ ٱلْفُسُوقُ بَعْدَ ٱلْإِيمَـٰنِ ۚ وَمَن لَّمْ يَتُبْ فَأُو۟لَـٰٓئِكَ هُمُ ٱلظَّـٰلِمُونَ ﴿١١﴾ ﴾ الحجرات: ١١

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan! Gosti takka gosa biraa hin xiqqeessin ykn hin tuffatin, gosti tuffataman sun isaan nama tuffatan san caalutu mala, dubartiinis dubartii hin tuffatin, kan tuffataman sun isaan nama tuffatan tarutu malaa. Tokkkoon keessan isa biraa maqaa hin xureessin maqaa gosaatiin wol hin arrabsinaaa erga amantanii maqaan faasiqummaa (amantiin alaa) akkam fokkataadha].*

Ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan:

**بحسب إمرئ من الشر أن يحقر أخاه المسلم**[76]

*"Nama tokkoof sharrii ykn dhara irraa obboleessa isaa kan Muslimaa xiqqeessuun isaaf gayaadha".*

---

[76]- Al-Imaamu Annawawiyyu, "Al-Arba'uun Annawawiyyah", madda dabre.

### 5) Hojjataa Ga'umsi Isaa Dadhabaa Ta'e Mormuuf Tooftaa Nama Hunda Akeekkachiisuutti Fayyadamuu

Ifaan ifatti hojjataa raawwiin isaa dadhabaa ta'e tokko ifatti akeekkachiisuun yoo dirqama ta'e, kabaja isaa eeguu fi hiriyyoota isaa fuul-duratti hamilee isaa miidhuu dhabuuf jecha tooftaa dimshaashessuu fayyadamuu. Yeroo kana goonu nama sanis akeekkachiifnee namoota biraatis adabbii akkanaatiif

Saaxilamuu irraa of eegaa ergaa jedhu akka akeekkachiisaatti kennineefii jirra jechuudha. Kun immoo akkaataa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hojjattoota isaanii itti gorfatanitti hidhachuudha. Yeroo wayii hojjataa tokko zakaa walitti qabi jedhanii erganiin, eega gale booda yeroo hirreega isa godhan akkana jedhe: "Kuni keessani, kuni anaaf kennaa enname", booda ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan:

**"ما بال الرجل نستعمله على العمل مما ولانا الله فيقول: هذا لكم وهذا أهدي لي، أفلا قعد في بيت أبيه أو أمه فينظر ايهدى إليه أم لا"**[77]

*"Namni waan Rabbiin irratti nu moosise irratti hojjataa isa godhanne maaliif kuni keessani kuni kiyya nuun jedha, mana haadhaa fi abbaa isaa keessa* osoo *taa'ee kennaan ni kennamaaf moo hin kennamuufii hin ilaaluu".*

---

[77] - Muhammad Kardii Alii, "Al-Islamu wa Al-Hadaara Al-Arabiyyah", maxxansa Lajnatu Atta'aliif wannashri, Kaayiroo, 1968.

## 6) Amalli Isaa Kan Hojjattoota Ofitti Hawwatu Ta'uu Qaba

Namni madaallii raawwii gaggeessu kun, nama hojjattootaaf mararfatu ta'uu qaba. Kana irratti akkana jedhan "Hoogganaan kamiyyuu nama tokko muudee yoo itti laafe (tola itti oole) Rabbiin ol'aanaan guyyaa qiyaamaa isaaf mararfata"[78]. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* Aa'ishaan akkana jedhan:

**يا عائشة عليك بالرفق فإنه لا يدخل في شيئ إلا زانه ولا ينزع من شيئ إلا شانه**

*"Yaa Aa'ishaa! Garaa laafi (namaaf mararfadhu), gara-laafinni waan kamittuu yoo seene ni bareecha, waan kamiyyuu keessaa yoo fuudhame ni fokkisa"*[79].Kanaafuu hojjataan tokko gama baay'inaa fi gosa hojiittis dandeettii isaatii ol itti fe'amuu hin qabu**.**

﴿ لَا تُكَلَّفُ نَفْسٌ إِلَّا وُسْعَهَا ﴾ البقرة: ٢٣٣

*[Lubbuun waan dandeettuu ol itti hin fe'amu]*. Hojjataan tokko dandeettii isaatii ol yoo itti kenname akka inni hojii san xumuru isa gargaaruun dirqama ta'a. Kana irratti ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan:

[80] ***هم إخوانكم وخولكم جعلهم الله تحت أيديكم ... ولا تكلفوهم ما يغلبهم فإن كلفتموهم فأعينوهم***

---

[78] -Al-Imaamu Assuyuuxii, Jaami'u Al-Ahaadiis, maxxansa addaa, bara maxxansaatiin ala.

[79] - Abuu Haamid Al-Gazaalii, madda dabre.

[80] - Al-Imaamu Annawawiyyu, "Riyaadu Assaalihiin", madda dabre.

*“Isaan obboleeyyan keessani tajaajiltoota keessani, Rabbitu harka keessan jala isaan oolche… waan isaan injifatu itti hin fe’inaa, yoo itti feetan isaan gargaaraan”.*

Hojjattoota ofitti harkisuu keessaa tooftaan inni biraa, haqa isaanii kan mallaqaas ta’ee kan hamilee isaaniif kennuudha. Sahaabaan *Safwaan Binu Umayyaa* jedhamu akkana jedhe: “Gaafa guyyaa Huneeynii ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* kennaa naaf kennan,

isaan irra nama ani jibbuuti, naaf kennuu hin dhiifne hanga na biratti irra jaalatamaa namaa ta’etti”[81].

Nama faarsuu fi galateeffachuunis tooftaa ittiin hojjattoota ofitti harkisaniidha. Rabbiin guddaan ergamaa isaatiin akkana jedhe:

﴿ وَإِنَّكَ لَعَلَىٰ خُلُقٍ عَظِيمٍ ﴿٤﴾ ﴾ القلم: ٤

*[Ati naamusa ykn amala gaarii guddaa irra jirta]*

Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hojjattoota isaan waliin jiran faarsanii turan. Fakkeenyaaf: Umar Ibnu Al-Kaxxaab ilaalchisee akkana jedhan**:**

**إن الله جعل الحق على لسان عمر وقلبه**[82]

“Rabbiin dhugaa onnee fi arraba Umar irra kaaye”.

**إن خالدا سيف الله سله الله على المشركين**[83]

Kaalid Binu Al-Waliidiin immoo akkana jedhan

*“Kaalid guraadee (seyfii) Rabbiiti, Rabbitu Mushrikoota irratti ol taasiseen”.*

---

[81] - Muhammad Kardii Alii, Madda dabre.

[82] - Abbaas Mahmuud Al’Aqqaad, “Abqariyyatu Umar”, Maxxansa Ministirii barnootaa, 1968.

[83] - Ibnu Teeymiyyah, madda dabre.

### 7) Namni Madaallii Gaggeessu Sona Hirmachisuutti Amanuu Qaba

Namni madaallii raawwii hojjattootaa gaggeessu hoogganamtoota ykn hojjattoota madaallii irratti gaggeessu san waliin marii gaggeessuun barbaachisaa akka ta’e hubachuu qaba. Kunis rakkinoota sadarkaa raawwii irraa dhalatan furuuf dhiibaa guddaa fiduu waan danda’uufi. Kana irratti Umar Binu Al-Kaxxaab akkana jedhe: “Yaanni nama tokkoo akka jibrii hiikkatteeti yaanni nama lamaa akka jibrii iddamtee (fooyamtee) jabaatteeti kan nama sadihii yaada baayyee bilchaataadha jedhe.”[84]

## Bu’aalee fi Dhaamsa Qorannoo

Dhimmoota madaallii raawwii hojjattoota dhaabbilee irratti marii gaggeessamee fi seerri madaallii raawwii hojjattoota baankiiwwan Islaamaa akkam ta’uu qaba marii jedhu irraa ka’uun bu’aalee fi dhaamsa armaan gadii kana akkanatti cuufuu ni dandeenna:

**Tokkoffaa**: Dhaabbilee hojii isa durii keessatti, hooggantoota dhimma madaallii raawwii irraa gaafataman biratti dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa kun bakkee guddaa hin arganne. Kanaafuu yeroo hedduu madaalliin kun fashalaa’ee argama. Gama baankiiwwan Islaamaatiinis, haga dabre haaraya waan ta’eef, reef sadarkaa guddinaa irra waan jiruuf, hanga hooggantoonni isaa muxannoo gayaa argatanii dhimma madaallii raawwii hojjattootaa kanatti itti quuqamni isaan biratti uumamutti carraaqqii fi yeroo

[84] - Muhammad Karrad Alii, madda dabre.

dabalataa barbaada waan ta'eef; haalli baankiiwwan Islaamaa kunis isa dhaabbilee durii san irraa addaa miti jennee eegna.

**Lammaffaa**: dhimmi madaallii raawwii hojjattootaa kun gosa hojii madaalamuu qabuu daangessuun ulfaataa waan ta'eef, madaallimmaanuu ulfaataadha jedhama. Sababni isaas gosti hojii madaalamuu kun kan dhuunfaati moo kan gareeti jedhanii adda baasuun waan ulfaatuufi.

Yoo xiyyeeffannaan madaallii raawwii hojii isa dhuunfaa irratti ta'e, dhimmi madaallii baay'ee ulfaataa ta'ee argama. Sababni isaas safartuuwwan adda addaa uumuu barbaada waan ta'eefi. Gariin safartuuwwan kanniinii safartuu kallattii (kan hammaa fi qulqullina oomishaa) irratti fuulleffatu yoo ta'u, safartuuwwan gariin immoo al-kallattii (kan naamusaa fi sosochii hojjataa madaalliin irratti gaggeeffamuu) irratti xiyyeeffata.

Homa fedhes ta'u baankiiwwan Islaamaa amala addaa waan qabaniif, safartuuwwan madaallii raawwii hojjattootaa irratti itti fayyadamaman dirqama murteeffamuu qabu. Akkasumas seerotaa fi safuulee amantii Islaamaa kan safartuuwwan kun akka dhuga-qabeessa ta'an ajaju eeguu qaba. kunis kan ta'uu danda'uun dhimmi madaallii raawwii hojii irra oolchuu kun madden odeeffannuu ifa gala, gaarii fi haq-qabeessa irratti hundaa'uudhaani, hojjattoonni safartuuwwan kana bocuu fi murteessuu irratti hirmaachuun fi safartuuwwan kunniin bu'aawwanii fi oomisha dhumaatitti dabalee ammaloota hojjattoota baankiiwwan kanaa kanneen fiixa bayiinsa hojii fi

isa irratti dhiibbaa geessuu danda'an waliin hidhata qabanis madaaluu qaba.

Amaloota hojjattoota madaalliin irratti gaggeeffamuu kanneen safaramuu qaban keessaa fakkeenyaaf: hagam takka yeroo hojii kabaju, gatiin kana godhuu hagam takka, hagam takka hojii qulqullinaan raawwatu kan jedhan fa'a. Kana hunda caalaa safartuuwwan kunniin hojjattoonni kunniin seerota Islaamaa kanneen hariiroo isaanii hooggantoota isaanii waliin walitti mijeessu fi dirqamoota isaan tole jechuutiif hagam takka bitamu, hojii fakkeessuun malee hagam takka mariin waa dalagu kan jedhu safaruu qabu.

Akkasumas safartuuwwan madaallii raawwii kun hariiroowwan wal-waliin jiraachuu jidduu hojjattootaa jiran rog-qabeessa, kan wal-gargaaruu irratti bu'uureffame, kan miira gaarii ittiin wal-jijjiiran fi kan akka garee tokkootti afuura gamtaatiin waliin hojjatan godhuu qabu. Amallanii fi hariiroowwan kunniin hunduu oomishaa fi bu'aa dhumaa irratti dhiibbaa al-kallattii qaqqabsiisuu danda'u.

**Sadaffaa**: dhaabbilee durii keessatti madaalliin raawwii hojjatootaa kun baay'inaan kan gaggeeffamu hojjattoota sadarkaa hojii bulchiinsa ol'aanaatii gadi jiran irratti ta'us, baankiiwwan Islaamaa keessatti immoo hooggantoonni sadarkaa ol'aanoo kunis madaallii raawwii jalaa bayu hin qaban.

Kanas kan jenneef firii madaallii isaanii san yeroo murtii sadarkaa isaanii kan amma irra jiran irraa isa irra guddaatti dabaluu fudhannu ykn yeroo raawwii isaaniitiif kaffaltiin addaa kaffalamuu qabu hagami jennee daangessuuf yeroo murtii fudhannu nu gargaara. Akkasumas raawwiin baankichaa inni

walii galas ga'umsa hooggantoonni kun hojii isaanii fiixa baasuu fi itti gaafatamummaa fudhachuuf qaban irratti hundaa'a.

**Afraffaa**: qorannoon tun akka ifa baastetti, tooftaaleen nama madaallii raawwii kana gaggeessuu qabu eenyuun akka ta'e ittiin murteessan heddu. Tariitii hoogganaa kallattii nama madaalamuu heduu kana tahuun ni mala, ykn hiriyyoota isaa ykn koree dhimma kanaaf qopheeffame, ykn hojjattoonnummaan matuma ofiitii of madaaluu fi hoogganamtoonni hoogganaa isaanii madaaluu fa'a.

Nuti gama seera hoogganamtoonni hooggantoota isaanii waliin dhimma madaallii raawwii irratti hirmaachuun qabu jedhu jiraannus, wanti guddaan nuti asitti dhaamuufii qabnu, namni madaallii raawwii gaggeessu seerotaa fi safuuwwan Islaamaatiin nama hallame ta'uun dirqama yaada jedhuudha. Nama wal-qixxeessu kan waan wal-qixxummatti qaawwa fidu hunda irraa fagaatu ta'uu qaba.

Keessattuu waan namummaa namaa xiqqeessu fi kijiba irraa nagaya bayuu qaba, nama haq-qabeessa ta'uu qaba, yeroo hojjataa tokko irratti murtii kennu fedhii lubbuu ofii jala deemuu irraa qulqullaayuun nama hojii isaa iraatti dadhabina qabu adabuuf seerota amantiin lafa kaayetti dhimma bayuu qaba. Hojjataa tuffachuu fi xiqqeessuu irraa mala isaa guutumatti qulqulleessuun amala hojjataa ofitti harkisuu fi ittiin garaa isaanii laaffifatu horachuu qaba, sona hojjataa hirmaachisuu fi mari'achiisuuttis amanuu qaba.

**Shanaffaa**: Akka qu'annoon kun ibsutti jidduu seera madaallii raawwii hojjattootaa fi jidduu bu'aa madaallii sanii bifa gahumsa qabuun hojii irratti itti fayyadamuu jidduu addaan fageenyatu jira. Kun immoo dhaabbilee hojii dhuunfaa keessatti wantoota fashalaa'uu fidan keessaa isa tokko.

Wanti ilaalamu dhuma hojiiti waan ta'eef, sababni bu'aa madaallii raawwiitti fayyadamuu dhabuu kun homa fedhes ta'u, sababa namoonni madaallii gaggeessan muxannoo fi cimina gahaa hin qabneef ykn sababa isaan hamilee hin qabneefis ta'u, dirqamni biirolee baankiiwwan Islaamaa irra jiru seerota fi siyaasaa hooggantoonni akka bu'aa madaallii raawwii irraa argametti fayyadaman dirqama isaan irratti taasisan bocuudha.

Akkasumas hooggantoonni dhimma kana irratti akka muxannoo horataniif leenjisuunis dirqama. Kaffaltiin dabaltii fi dabaliinsa sadarkaa hojiis bu'aa madaallii kana bu'uura godhachuu qaba. Biirooleen baankiiwwan Islaamaa kun hooggantoota cimina qaban, kanneen gahumsi isaanii adda tahe, kanneen bu'aa madaallii raawwii irraa argame bifa bareeda ta'een itti fayyadaman, isaannan hojjattoota isaan jala jiran gargaaranii fi eegaree hojii isaanii, dandeetii fi cimina isaanii fooyyeffachuu irratti isaan deeggaraniif siyaasa ittiin hamilee fi kaka'umsa isaanii kana ittiin cimsan bocuufii qaba.

**Jahaffaa**: seerota madaallii raawwii hojjattootaa ilaalchisee itti fayyadamuun malu irratti, qu'annaan kun seerota hedduu kanneen dhaabbileen durii fi Islaamaa keessaa filatanii itti fayyadamuu qaban ibsee jira. Seerota kana keessaa: seera

baay'ina oomishaa safartuun wal-maddii qabuu, seera xundoota lamaan wal-maddii qabuu, seera tartiibessa salphaa, seera duraa

duuba dirqamaa, seera tarree fayyadamuu fi seera kaayyoo fi taateewwan nama rakkisanii fa'atu jira.

Seeronni kun hunduu bu'aa fi miidhaa waan qabaniif, baankiiwwan Islaamaa seera wal-makaa seerota kanneen walitti qabatu kan kaayyoo silaa madaalliin raawwii hojjattootaa gaggeeffameef waliin wal-simu fayyadamuu qaba. Fakkeenyaaf, kaayyolee kana keessaa tokko bu'aa madaaluu yoo ta'u inni kunis seera bulchiinsa bu'aa irratti fuulleffatuu fayyadama.

Kaayyoon biraa immoo amalaa fi naamusoota bu'aa irratti dhiibbaa fidan madaaluu yoo ta'e, seera taateewwan rakkisoo jedhu ykn seera madaalliiwwan duraa duuba naamusaa jedhu fayyadamna. Yoo kaayyoon madaallii raawwii kun gahumsa, amalaa fi bifa nama madaalliin irratti gaggeeffamuu san madaaluu ta'e immoo seera cimina madaaluu jedhu fayyadamna.

Yoo kaayyoon madaallii raawwii kaayyolee olitti dubbanne kana hundaa of keessatti hammata ta'e immoo seerota sadan kana keessaa seera dimshaashawaa wal-makaa ta'e fayyadamuun dirqama. Bocni armaan gadii kun seera guutamaa raawwii hojjattoota baankiiwwan Islaamaa madaaluuf oolan ibsa.

## Boca wal-guutiinsa Raawwii hojjattoota Baankii Islaamaa Ittiin Madaalan ibsu

Seerota Islaamaa kanneen naamusa hojjattoonni bu'aa hojii fi safuulee naamusaa kan bu'aan hojii kun irratti fuulleffatu qabu yoo fudhanne

Seerota Islaamaa kan akkaataa sosochii hojjattootaa fi naamusa hojjattootaa kanneen oomisha irratti dhiibbaa fidan yoo fudhanne

Seerota Islaamaa kanneen bifaa fi amala hojjataa madaalliin raawwii irratti gaggeeffamuu yoo fudhanne

Bu'aalee fi oomishatu madaalama ykn safarama

Naamusa hojjattootaattu madaalama ykn safarama

Amalaa fi bifa nama madaalliin irratti gaggeeffamuutti madaalama

Seera bulchiinsa kaayyoo jiddu-galeessa godhate jedhutti fayyadamna

Seera taateewwan rakkisoo jedhu fayyadamna

Seera madaallii ciminaa jedhu fayyadamna

# Kitaabni Kun

Qorannoolee bifa walitti fufiinsa qabuun dhimma diinagdee Islaamaa irratti wiirtuun xiinxala Islaamaa idil addunyaa baase keessaa kitaabni kun isa Sod-domii sadaffaadha. Inni kun pirojektii bu'aa qorannoo akkaataa hojii baankiiw-wanii, Invastimantii fi mallaqa/qabeenya dhaabbilee Islaamaa (keessattuu baan-kotaa fi kaampaaniiwwan invastimantii) keessatti itti fayyadamamuu irraa arga-meedha.

Kitaabni kun kitaabota bifa walitti fufiinsaan dhimma kanarratti qophaayan waliin ta'uun; dhimmoota akkaataa hojiiwwan dhaabbilee kanaa, akkaataa isaan namoota
dhuunfaa waliin ykn dhaabbilee biraa waliin itti hojjatan, akkaataa qabeenya ykn mallaqa qaban itti fayyadamanii fi tajaajiloota biraa kan fandiin alaa irratti akka-mitti akka
hojjatan irratti ibsa gahaa kenna.

Wanti kitaaba kana baay'ee barbaachisaa isa taasisu, qorannooleen akkaataa raawwii hojjattoota Baankota Islaamaa qoratan muraasa ta'uun baay'een isaanii qorannoolee seensa warra Dhihaa bu'uura godhatuun haga ammaattuu sadarkaa seera sirreessa raawwii jajjaba irra gayuu dadhabuu isaaniiti.
Seerri raawwii Baankota Islaamaa sirreessu kan uf danda'ee uf ta'e jiraachuu waan qabuuf, kaayyoon guddaan, elamantiiwwan raawwii kana sirreessan kees-saa tokko; ulaagaalee Islaamummaa kaayuun, elamantiin kun elamantoota moofaa durii kan akka hojii, oomishaa fi amallan hojii akka guutan taasisuun gara sadarkaa seera si'ataa raawwii sirreessuutti dhaqqabu taasisuudha. Seerri si'ataan argamu kunis kana mala hojii fi ergaa baankota Islaamaa waliin deemu, kan hamma dabaliinsa baay'ina baankota kanaa fi dameewwan isaa waliin wal-si-matu ta'uu qaba.

Kitaabichi qorannoo taasise keessatti, falaasamoota raawwii baankota Is-laamaa sirreessan, sadarkaalee adda addaa hojiin sirreessa raawwii kun keessa dabru, ulaagaalee Islaamaa kanneen raawwii baankota Islaamaa sirreessuu mur-teessan fa'a irraa dubbatee jira. Akkasumas hojii sirreessa raawwii baankota Is-laamaa kanarrattis fakkeenyotas kaayee jira.